




# BARNOOTA HAWAASAA

QAJEELCHA BARSISAA  
KUTAA 8

# BARNOOTA HAWAASAA

QAJEELCHA BARSISAA



Mootummaa Fedaraalaawaa Dimookraatawaa Ripubilikii Itoophiyaa  
Ministeera Barnootaa

ISBN: 978-99944-2-135-0

Gatii: Qr. 14.10



Mootummaa Fedaraalaawaa Dimookraatawaa Ripubilikii Itoophiyaa  
Ministeera Barnootaa

KUTAA  
8

# BARNOOTA HAWAASAA

## Qajeelcha Barsiisaa

### KUTAA 8

**Qopheessitoota:** Abrahaam Tasammaa (BA)

Warqinaa Tolu (MA)

**Gulaalaa:** Wandimmuu Tarrafaa (MA)

**Madaaltota:** Dirribaa Bayyanaa (BA)

Fiqaaduu Kabbadaa (MA)

Habiib Galgaluu (BA)

Imaanu'eel Horaa (BA)



## **Maxxansaan**

© Mirgi maxxansa guutumaa guututti seeraan eegamaadha. Guutuu yookiin qaama maxxansa kanaa, haalaa fi bifa kamiiniyyuu, jechuun elektiroonikaan, footookooppiidhaa fi waraabuun eeyyama dhaabbata maxxansiisee malee, haala birootti dabarfamuu hin danda'u.

Jalqaba bara 2011 maxxanfame

ISBN: 978-99944-2-135-0

Dhaabbata Maxxanse: UBS Publishers, Distributors Pvt. Ltd. India.

# BAAFATA

## QABIYYEE

## FUULA

<b>Boqonnaa 1:</b>	<b>Addunyaa Irra Jiraannu</b>	<b>1</b>
	1.1. Ardiilee	2
	1.2. Ummata Addunyaa	4
	1.3. Faca'iinsa fi Haala Jireenyaa Ummataa	6
	1.4. Warraaqisa Industirii fi Jijjiirama Inni Fide	9
<b>Boqonnaa 2:</b>	<b>Humnoota Fuula Lafaa Jijjiiran</b>	<b>14</b>
	2.1. Humnoota Fuula Lafaa fi Dhiibbaa Isaan Jireenya Namaa Irratti Fidan	14
	2.2. Humnoota Keessa Lafaa fi Dhiibbaa Isaan Jireenya Namaa Irratti Fidan	15
	2.3. Fageenyaa fi Baldhina Lafaa Kaartaa Irraa Shallaguu	16
<b>Boqonnaa 3:</b>	<b>Dhiibbaa Dhalli Namaa Sirna Ikkoo Irraan Gahu</b>	<b>18</b>
	3.1. Hariiroo Sochii Dhala Namaa fi Qabeenya Uumamaa	19
	3.2. Sababbanii fi Dhiibbaawwan Oo'iinsa Lafaa	22
<b>Boqonnaa 4:</b>	<b>Ajandaa Ummataa</b>	<b>24</b>
	4.1. Dhimmoota Ummataan Walqabatan	24
	4.2. Mirgoota Namummaa fi Nageenyaa	27
	4.3. Sagantaawwan Walta'iinsaa	30
<b>Bu'aawwan Barnoota Hawaasaa</b>		<b>32</b>
<b>Siilabasi Barnoota Hawaasaa</b>		<b>33</b>



## Addunyaa Irra Jiraannu

(Wayitii Ramadame: 25)

### BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA

Barattoonni barnoota boqonnaa kanaa erga baratani xumuranii booda:

- Argamaa fi danaawwan ardiiwani, akkasumas afaanota gurguddoo addunyaa ni himu.
- Qaroomman addunyaa durii ni dinqisiifatu.
- Naannoowwan addunyaa ummanni haphinaa fi hedduminaan irra qubatee fi sababii qubannaan kun garaagar ta'eef addaan ni baafatu.
- Dhiibbaa warraaqsi industirii fide ni himu.
- Seenaa qabsoo ummanni Afrikaa sirna kolonii irratti adeemsise ni qalbeeffatu.
- Yaadawwan haaraa argamanii fi maal akka isaan ta'an ni himu.

### Qabxiwwan Ijoo

Addunyaan irra jiraannu qaama dachee fi bishaaniitti qoodamti. Dacheen ardiilee torbatti qoodamti. Tokkoo tokkoon ardiilee danaa fi baldhina garaagaraa qabu. Ardiileen teessuma lafaa baay'ee olka'aa, diriiraa fi gad dhooqaa ta'an kanneen garaagaraa qabu. Ardiin addunyaa irratti gaara olk'iinsa guddaa qabuu fi lafa gad dhooqaa sirri irra galaanaatii gaditti gad fageenya guddaa qabu itti argumu Eshiyadha.

Qaamman bishaana'oon addunyaa irratti argaman garbawwan gurguddoo, galaanota, harawwnii fi laggeen jedhamuun haala argama isaaniitiin bakka afuritti qoodamu. Bishaan fuula lafaa keessaa 97% kan ta'u garbawwan gurguddaa fi galaanota keessatti argama.

Ummanni addunyaa naannoo garaagaraa keessa jiraatu afaanota adda addaa dubbata. Maatiiwan afaanii baay'eetu jira. Ummanni bakkeewwan qubate keessatti wantoota jireenya isaaf ta'u wayita hojjatu qarooma fiduu danda'eera. Naannoowwan addunyaa qaroomman bu'aa durii keessatti muldhatan keessaa Giriik, Roomaa, Chaayinaa, Parshiyaa fi Inkaan isaan beekamoodha. Qaroomman bara durii guddina dinagdee, industirii fi tajaajila hawaasummaa ammayyaatiif bu'uura ta'aniiru. Hundeeffamaa fi babaldhina industirii wajjin walqabatee meeshaalee dheedhii fi gabaa baldhinaan argachuuf dorgommiin lafa baldhaa qabachuu biyyoota Awurooppaa jidduutti uumamee ture. Sababa kanaan biyyoonni addunyaa baay'een gita bittaa koloneeffattoota jala galaniiru. Kunis ka'uumsa waraana addunyaa

1<sup>ffaa</sup> fi 2<sup>ffaa</sup> lubbuu namoota miliyoona baay'een lakkaa'aman galaafatee fi qabeenyi akka barbadaa'u taasisaaniif sababa ta'eera.

## 1.1. ARDIILEE (WAYITII 3)

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga baratani booda:

- Kaartaa ardiilee torban addunyaa irratti argamanii dabtara isaanii irratti ni kaafatu.
- Argama ardiilee birqabaan ni himu.
- Baldhina ardiilee waliin madaalanii ni himu.
- Ardiilee hunda keessatti bakka olka'iinsa gudda qabuu fi lafa gad dhooqaa gad fageenya guddaa qabu addaan baafatu.
- Harawwanii fi laggeen addunyaa gurguddoo addaan baafatu.

### Qophii Duraa

Barsiisaan/barsiiftuun barnoota kana barsiisuuf gara dareetti seenuun dura qophii barsiisuuf barbaachisu xumuruutu irraa eegama. Isaanis:

- Kitaaba barataa fi kitaabolee wabii kanneen biroo mata duree kanaan walqabatu dubbisuun hubannoo mata duricha irratti qabdan gabbifachuu fi.
- Meeshaalee gargaarsa barnootaa qopheeffachuudha. Meeshaan gargaarsa barnootaa mata duree kana sirnaan barsiisuuf isin gargaaru kaartaa addunyaa ardiilee torbanii fi qaamman bishaana'oo agarsiisuudha. Kaartaa kana dursaan qopheeffachuun bakka barattoonni wayita mata duree kana barsiiftan arguu danda'anitti fannisaa.

### Mala Baruu-Barsiisuu

Gaaffii "ardiin maal?" jedhuun barannoo kana eegalaa. Deebii barattoonni kennan irraa fuudhaa. Sana booda kaartaa ardiilee gabatee gurraacha irratti kaasaa. Kaartaa ardiilee gabatee gurraacha irratti kaaftan kana akka barattoonni dabtara isaanii irratti kaafatan taasisaa. Barattoonni kaartaa kana dabtara isaanii irratti garagalfachuu isaanii erga mirkaneeffataanii booda kaartaa maxxanfame kan duraan qopheeffattan itti agarsiisaa.

Barattoonni kaartaa maxxanfame kana ilaalanii danaa fi argama ardilee akka hubatan taasisaa. Ardiilee hemsifeera dhihaa, hemsifeera jiddu galeessaa fi hemsifeera bahaa keessatti argaman halluu adda addaa dibuun barattoonni akka sirriitti hubachuu danda'an gargaaraa. Ardiilee wal biratti ilaalanii waliin madaaluun baldhina yookiin dhiphina isaanii himuu fi hubachuu akka danda'an taasisaa.

Waa'ee teessuma lafaa barattoonni akka hubatan taasisuuf, kaartaa fiizikaalaa halluu garaagaraan teessuma lafaa agarsiisu bakka barattoonni hundi sirriitti arguu danda'anitti fannisaa. Halluun kaartichaa teessuma lafaa akkamii akka agarsiisu akka himan barattoota gaafadhaa. Itti aansuun tokkoo tokkoo halluu kaarticha irratti muldhatuu teessuma lafaa bakka bu'u hiikaa handaara kaartichaa irratti kennametti fayyadamuun barattootatti himaa. Kanatti aansaatii argama bakkeewwan olka'oo fi gad dhooqa guddaa ardiilee Gabatee 1.1 kitaaba barataa keessatti dhiyaatetti fayyadamaatii kaartaa addunyaa irraa barattootatti agarsiisaa.

Kaartaadhuma fiizikaalaa kanatti fayyadamuun qaamman bishaana'oo addunyaa irratti argaman barattootatti agarsiisaa. Isaanis garbawwan gurguddoo addunyaa shanan sadarkaa baldhina isaaniitiin (Gabatee 1.2 kitaaba barataa irraa ilaalaa). Akkasumas, galaanonni qaama garba guddaa gara qaama ardiilee keessatti seene ta'uu isaa kaartaa irraa itti agarsiisuun barattoota hubachiisaa. Akka fakkeenyaatti, Galoo Galaana Eedan, Galaana Diimaa, Galaana Meediteraaniyaanii, Galaana Kaaribiyaanii, Galaana Jaappaan, Galaana Yaloo fi Galaana Arabiyaa fa'aa kaartaa irraa itti agarsiisuu dandeessu.

Qaamman bishaanii ardiilee irratti argaman laggeenii fi harawwan ta'uu isaanii hubachiisaa. Laggeen beekamoon ardiilee mara keessatti argamu. Fakkeenyaaf, Afrikaa keessaa laggeen akka Naayilii fi Koongoo, Eshiyaa keessaa Indus, Gaanjiis, Yaangitiz, Awurooppaa keessaa Daanuub, Ameerikaa Kaabaa keessaa Misisippii, Ameerikaa Kibbaa keessaa laga Amaazon fudhachuun ni danda'ama. Akkuma laggeenii harawwan gurguddoonii fi xixiqqoon ardiilee hunda keessatti argaman baay'eedha. Fakkeenyaaf, harri guddaan Afrikaa keessatti argamu Viiktooriyaadha. Laggeenii fi harawwan kanneen barattoonni akka kaarticha irratti hubatan taasisaa. Barattoonni dabaree dabareen ka'anii harawwan, laggeenii fi galaanota kaartaa irraa maqaan akka walitti agarsiisan taasisaa.

### Mala Madaallii

Barataan/tuun qabiyyee barate/tte irratti akka kaayyoo taa'etti hubannoo, dandeettii fi beekumsa barbaachisu gonfachuu isaa/ishii hordoffii walitti fufaa taasisaauun madaaluu barbaachisa. Kanaafuu, barsiisaan/ftuun barnoota kanaa irraa raawwii barattootaa yeroo mara hordufuun madaahutu irra eegama.

## DEEBII GILGAALA 1.1A

### Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Ardiin baldhina guddaa Eshiyaadha.
2. Ardiin baldhina xiqqaa qabu Awustiraaliyaadha.
3. Maqaa fi baldhina ardillee addunyaa

Lakk.	Ardii	Baldhina (Miliyoona km <sup>2</sup> )
1	Eeshiyaa	44.4
2	Afrikaa	30.0
3	Ameerikaa Ka.	23.7
4	Ameerikaa Ki	17.8
5	Antaarkitika	14.0
6	Awurooppaa	10.4
7	Awustiraaliyaa	7.7

## DEEBII GILGAALA 1.1B

### I. Deebii Hiikkaa jechootaa

1. A. Ardiin Qaama lafaa baldhaa biyyootatti addaan qoqqoodame
- B. Garba Guddaa Qaama bishaanii baldhaa fuula lafaa uwwisee argamu.
- C. Hara Qaama bishaanii ardiin irratti argamuu fi karaa hundaan lafaan marfamee argamu.



D. Laga	Bishaan gaara jalaa yookiin hara keessaa ka'ee sulula uume (sulula laggeenii) keessa gara lafa dakeetti yookiin gara galaanotaatti yaa'uudha.
E. Dachee	Qaama lafaa baldhaa ardiileen irraa uumaman
F. Galaana	Qaama bishaan garba guddaa gara ardiitti seenee argamudha.
G. Gaara	Lafa olka'aa lafa naannootti argamu irra oldheeratee argamu.
H. Pilaatoo	Lafa olka'aa irri isaa diriiraa ta'e
I. Lafa dakee	Lafa diriiraa baldhaa olka'iinsi isaa gadaanaa ta'e.
J. Tulluu	Lafa olka'aa naannoo itti argamu irraa oldheerina qabu. Garuu, akka gaaraa qara oldheera ta'e hin qabu.
K. Teessuma lafaa	Haala lafti naannoo tokkoo lafa diriiraa, gaarren, bu'aa bahii garaagaraa qabatee itti muldhatuudha.
L. Hemsifeera	Qaama lafaa sararaa mudhii lafaatiin hiramee gara kaabaa yookiin gara kibbaatti argamu, yookiin sararaa Giriinwichiin hiramee gara dhihaa yookiin gara bahaatti argamuudha. Fakkeenyaaf, Awustiraaliyaan ardii hemsifeera kibbaatti argamuudha. Ardiileen Ameerikaanis hemsifeera dhihaa keessatti argamu.

## II. Deebii Gaaffiiwwan Gaggabaabaa

- Kaartaa irratti hojjatamee agarsiifama.
- Ardiileen garba guddaa Paasifik daangessan Awustiraaliyaa, Eeshiyaa, Antaarkitika, Ameerikaa Kaabaa fi Kibbaati.
- Afrikaan addunyaa hundaaf jiddugaleessa ta'uun ishii hubatamuu kan danda'amu namni Afrikaa keessaa ka'e nama ardii kamiyyuu irraa ka'e caalaa karaa gabaabaa deemuun ardii hundatti qaqqabuu ni danda'ama.
- Ardiilee qaamni lafa isaanii hemsifeera bahaa fi dhiyaa keessatti argamu:
  - Afrikaa
  - Awurooppaa fi
  - Antaarkitikaadha.
- Addunyaa irratti bakki:
  - Olka'iinsa guddaa qabuu gaara Evarasti
  - Gadfageenya guddaa qabu lafa dhooqaa naannoo Galaana Deedsiti.
- Ardiileen garba guddaa Paasifik wajjin wal hin daagessine Afrikaa fi Awurooppaadha.

## III. Deebii Gaaffiiwwan Filannoo

- |      |      |
|------|------|
| 1. C | 3. A |
| 2. C | 4. D |

## 1.2. UMMATA ADDUNYAA (WAYITII 6)

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni erga mata duree kana xumuranii booda:

- Maatii afaanota gurguddoo addunyaa ni tarreessu.
- Maatii afaanii xixiqqaa addaan ni baafatu.

- Fafaca'iinsa afaanotaa fi ummataa wal bira qabuun ni xiinxalu.
- Walitti dhufeenya afaanotaas ni himu.

### Qophii Duraa

Barsiisaa/tuu, barreeffamootaa fi kitaabolee afaanotaa ilaalchisee barreeffaman dubbisuun hubannoo ofii cimsachuun barbaachisaadha. Kana malees Kaartaa addunyaa of harkatti qabaachuun gaarii ta'a. Sababni isaas yeroo daree keessatti afaanota irratti mariin gaggeeffamu iddoo afaanonni adda addaa keessatti dubbataman kaartaa irratti agarsiisuun barbaachisaadha.

### Mala Baruu-Barsiisuu

Barsiisaa/tuu, dursaatii barattoonni afaanota addunyaa keessatti dubbataman keessaa kanneen beekan akka himan taasisaa. Isa boodas afaanonni isaan isinitti himan maatii afaanii isa kam keessatti akka ramadamu ibsuufiin gara mariitti seenaa. Maatiin Afaanota tarreeffaman biyyoota isaan kam keessatti akka dubbataman barattoonni sirriitti akka hubataniif kaartaa irraa agarsiisaa barsiisuun faayidaa guddaa qaba. Itti aansuunis afaanota namoonni hedduun addunyaa keessaa dubbatan akka baay'ina namoota dubbataniitti walduraa duubaan itti himuun akka isaan qayyabatan taasisaa. Sochii namootaa bakkaa bakkatti taasifameenis afaanota uumaman kanneen akka Kiroolee fi Kiswaahilii fa'a walitti makamiinsa afaanota ummataatiin uumamuu isaanii sirriitti akka hubatan taasisaa, Mata duree kana irratti barattoonni akka cimsanii mari'atan jajjabeessaa!

### Madaallii

- Hubannoo isaanii madaaluuf akka isin gargaarutti daree keessatti gaaffii fi deebii adeemsisaa.
- Hojii manee kennuufiin gareen ta'anii afaanota addunyaa tarreessanii maatii afaaniitti hiruun daree keessatti akka dhiyeessan taasisuu isaanii madaalaa.

## DEEBII GILGAALA 1.2

### Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. ● Meeshaa walqunnamtiiti.
  - Aadaa ummataati.
  - Ibsituu eenyummaati.
  - Meeshaa namni yaada isaa itti ibsatudha.
  - Kan beekumsi ittiin hojii irra ooludha.

2. Walitti makamuu afaan Indoo-Yurooppiyaansii fi afaan Afrikaanootaa irratti.
3. ● Afroo-Eeshiyaa
  - Indo-Yurooppiyaansii
  - Kawukoosiyaa
  - Altayikii
  - Sinoo-Tibeetiyaanii

### Qarooma Addunyaa Durii

#### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni mata duree kana erga xumuranii booda:

- Qaroomina duriif wantoota bu'uura ta'an ni beeku.
- Argama qarooma durii addunyaa ni himu.
- Bu'aalee qarooma durii addunyaa ni xiinxalu.

## Qophii Duraa

Daree osoo hin seenin dura kitaabolee adda addaa dubbisuu fi meeshaalee deggarsa barnootaa qopheeffachuun dirqama ta'a. Sababni isaas gahumsaan barnooticha dabarsuu fi qabatamaa taasisaauf barbaachisaa waan ta'eefi.

## Mala Baruu-Barsiisuu

Osoo ijoo barnootichaatti hin seenin dura barattoonni qaroomman addunyaa durii hanga beekan akka himan gaafadhaa. Ibsa kennuu osoo hin taane maqaa akka himan akkasumas naannoo isaan itti argaman waan beekan akka himan jechuudha. Isa booda isin immoo deebii isaanii irraa ka'uun sirreessitanii ibsuufiin akka mata duree taa'aniitti tokko tokkoon ibsuufii yaalaa. Barattoonnis qaroomman kitaaba barataa keessatti kaa'aman hunda eessatti akka argaman jalqabbii isaaniif sababoota kanneen ta'an, bu'aa isaan addunyaa har'aaf gumaachan sirriitti hubachuu qabu. Qabxiwwan kanneen irrattis marii gaggeessuun hubannoo isaanii gabbifachuu qabu.

## Madaallii

- Daree keessatti gaaffii fi deebii adeemsisuun hubannoo isaanii madaaluu yaalaa.
- Barattoota gareetti hiruun mata duree qaroomman durii tokkoon tokkoon garee kennuun qaroomman kunniin:
  - Eessatti akka argaman
  - Haallan qaroomman kunniin akka eegalamaniif gargaaran.
  - Bu'aalee qaroomman kunniin addunyaa har'aaf gumaacha barreeffama qopheessanii daree keessatti akka ibsan gochuun hojii isaanii madaalaa.

## 1.3. FACI'INSA FI HAALA JIREENYAA UMMATAA (WAYITII 8)

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga baratani booda:

- Addunyaa irratti bakkeewwan ummanni haphinaan yookiin hedduminaan/rukkiinaan irra jiraatan addaan baafatu.

## Qophii Duraa

Meeshaan barnootaa mata duree kana barsiisuuf isin fayyadu kaartaa addunyaa faca'iinsa ummataa agarsiisuudha. Naannoo keessanitti kaartaa haala kanaan qophaa'ee maxxaffame argachuu dhabuu ni dandeessu. Yoo haalli kun isin qunname kitaaba barataa keessatti kaartaa fakkii 1.6 irratti dhiyaate olguddisuun kaasaatii wayita mata duree kana barsiiftan itti fayyadamaa.

## Mala Baruu-Barsiisuu

Mata dureen kun kitaaba barataa keessatti "Gocha 1.1" kan barattoonni hojjachuun wantoota uumamaa qaama lafaa irratti akka faca'iinsi ummataa garaagara ta'u dhiibbaa uume akka hubachuu danda'an taasisaa uun eegala. Gaaffiiwwan dhiyaatan irratti bu'uuranii barattoonni gocha kana sirriitti hojjachuu isaanii duukaa bu'uun hordofuun mirkaneeffachuu qabdu. Hojii gareen hojjatan kana barattoonni akka kutaa keessatti walii dhiyeessan taassaa.

Booda irra garuu, osoo wanta barattoonni dhiyeessan guduunfuutti hin galiin kaartaa addunyaa faca'iinsa ummataa agarsiisu akka barattoonni ilaalan taasisaa. Kaartaa kana irratti naannoolee addunyaa haphinaan yookiin hedduminaan ummanni irra jiraatu itti agarsiisaa. Bakkeewwan addunyaa ummanni haphinaa fi yabbinaan/heddumiinaan irra jiraatan kanneen kaartaa fiizikaalaa irratti ilaaluun hariiroo teessummi lafaa faca'iinsa ummataa wajjin qabu akka waliin madaalanii hubatan yaada isaanii tokko tokkoon irraa fuudhuun hubachiisaa.

Erga kana raawwattanii booda haallan uumamaa faca'iinsa ummataa irratti dhiibbaa uuman kanneen akka teessuma lafaa, qileensa baramaa, faca'iinsa bosonaa fi gabbina biyyee gabatee gurraacha irratti barreessaa. Haallan kunniin akkaataa kamiin faca'iinsa ummataa irratti akka dhiibbaa uuman gocha haala naannoo isaanii irratti hundaa'anii hojjatanii fi fakkeenya haala qubannaa fi jireenya ummata Inuuyit, maatiiwwan naannoolee Mumbaayii fi gammoojjii Sahaaraa jiraatan ilaalchisee kitaaba barataa keessatti dhiyaatan wal bira qabanii madaaluun akka hubatan marii daree keessatti gaggeessitaniin akka hubatan gargaaraa.

Gocha 1.2 barattoonni akka dabtara isaanii irratti kaartaa addunyaa kaasanii shaakalan taasisaa. Sana boodas kaartaa addunyaa gabatee gurraacha irratti kaasiitii haala gaaffii kitaaba barataa keessatti dhiyaateen halluu garaagaraa dibuun naannoolee addunyaa ummanni haphinaa fi hedduminaan irra jiraatu itti agarsiis.

Dhuma irratti haallan uumamaa cinaatti haallan dinagde fi hawaasummaa akkaataa faca'iinsa ummataa irratti dhiibbaa uuman erga ibsa kennitee booda yaadannoo gabaabaa barattoonni akka qabatan taasisaauun xumuraa.

## DEEBII GOCHA 1.1

### Gocha mirkaneeffannaa

Gochi kun faca'iinsa ummataa sadarkaa addunyaa irratti jiru barattoota hubachiisuuf gargaara. Kana hubachuuf haala gaaffiiwwan kitaaba keessatti dhiyaatanii barattoonni naannoowwan addunyaa jireenya namaatiif mijaa'aa ta'anii fi mijaa'aa hin taane halluu adda addaa dibanii agarsiisuu qabu. Wixinee kaartaa addunyaa barattoonni gocha kana irratti raawwatan karaa barsiisaatiin/barsiistuutiin haala mijeessuunii fi hojii isaanii hordofanii madaaluun barbaachisadha.

## DEEBII GILGAALA 1.3A

### Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Naannoolee addunyaa sababa:

- (a) Diilallaa'inaatiin naannoolee namni irra hin jiraanne naannoolee bantiilee lafaa fi sammu gaarren gurguddoo irra.
- (b) Hanqina roobaatiin naannoolee namni irra hin jiraanne gammoojjiiwwan hoo'aa akka Sahaaraa, Kalahaarii, Ataakamaa, Koloraadoo fi gammoojjii Awustiraaliyaa fa'a.

- (c) Rukkina bosonaatiin naannoolee namni irra hin jiraanne sulula laga Amaazonii fi Dhooqa Koongoo fa'aa keessa.
- (d) Teessuma lafaa bu'aa bahii ta'een naannoolee namni irra hin jiraanne naannoolee gaarrenii bishaaniin nyaatamanii sulullanii fi laggeen baay'een keessatti argamaniidha.

2. Haala qilleensa baramaa, gabbina biyyee, teessuma lafaa mijaa'aa ta'e, babaldhina haallan dinagdee fa'a.

## Amantiiwwan Gurguddoo Addunyaa

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni mata duree kana erga baratani xumuranii booda:

- Amantiin maal akka ta'e ni himu.
- Amantiiwwan adda addaa addunyaa keessatti argaman ni tarreessu.
- Faca'iinsa amantiiwwan adda addaa ni ibsu.
- Walqixxummaa amantiiwwanii ni ibsu.

### Qophii Duraa

Mata duree kana irratti barsiisuu osoo hin jalqabin dura amantii ilaalchisee barreeffamootaa fi kitaabolee barreeffaman hanga danda'ametti dubbisuun of qopheessuun barnooticha akka salphaatti barattootaaf ibsuuf nama gargaara. Kaartaa addunyaas qopheeffachuun faca'iinsa amantiiwwanii akka isaan hubatan isaan gargaara.

### Mala Baruu-Barsiisuu

Barsiisaa/tuu, hiikkaan amantii maal akka ta'e barattoonni hanga beekan akka himan gaafachuun jalqabaa. Deebii isaanii erga dhaggeeffatanii booda sirreessuufiin gara mariitti seenuu ni dandeessu. Itti aansuun amantiiwwan beekamoo kitaaba barataa keessatti tuqaman tokko tokkoon kaasuun ibsuufiin barattoonni marii akka irratti adeemsisan jajjabeessaa. Marii isaaniiis hordofuun yaanni dogoggoraan yoo jiraate sirreessuufiin daandii sirrii ta'e akka isaan qabatan taasisaa. Kana malees, amantiiwwan hundi namoonni gocha hin taane irraa akka of qusatan, akka walgargaaranii fi waliyaadan waan barsiisaniif gaarummaa qabaachuu isaanii fi walqixa ta'uu isaanii akkasumas lammiin kamiyyuu amantii barbaade hordofuuf mirga kan qabu ta'uu isaa hubachiisuun baayyee barbaachisa.

### Madaallii

- Gaaffii fi deebii daree keessatti adeemsisuun hubannoo isaanii madaaluu,
- Hojii manee kennuufiin barattoonni amantii tokko irratti barreeffama qopheessuun dareetti fidanii akka ibsan gochuu. Qabxiin isaan tuquu qaban:
  - Amantichi eessattii fi eenyuun akka jalqabame,
  - Kitaabni amantichaa maal akka jedhamu,
  - Biyyoota kam fa'aa keessatti akka hordofamu.

## DEEBII GILGAALA 1.3B

### Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Ilaalcha hawaasni tokko uumama irratti qabuudha.
2. Hinduyizimii fi Budihizimii
3. Judaayizimii, Kiristaana, Islaama

4. Afaan Jaappaan irraa yammuu ta'u hiikkaan isaas karaa yookiin barsiisaa ayyaanotaa jechuudha.
5. Uumama irratti walfakkaatu. Sababni isaas uumama addunyaa keessatti argamu hunda humna hundaa ol ta'etu uume jedhu.

## 1.4. WARAAQISA INDUSTRIII FI JIJJIIRAMA INNI FIDE (WAYITII 8)

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni erga mata duree kana baratani xumuranii booda:

- Bu'aalee gurguddoo warraaqisi industirii argamsiise ni tarreessu.
- Jijjiirama gama hundaan warraaqisa industiriin walqabatee dhufe ni himu.
- Dhiibbaawwan warraaqisa industiriin walqabatani muldhatan ni xiinxalu.

### Qophii Duraa

Barsiisaa/tuu, kitaabolee mata duree kana ilaalchisanii barreeffaman hanga danda'ametti barbaaddanii dubbisuun gaarii ta'a. Kitaabolee adda addaa dubbisuun beekumsa gahaa nama gonfachiisuu isaa irraa iyyuu, ofitti akka amanan nama taasisaa.

### Mala Baruu-Barsiisuu

Warraaqisa Industirii jechuun maal jechuu akka ta'e barattoonni beekuu qabu. Kanaafuu, osoo ofii hin ibsiniif dura hanga beekan akka himan gaafadhaa! Deebii isaaniis hordofuun gabatee gurraacha irratti barreessaa. Isa booda isa dogoggora ta'e sirreessuufiin ibsa dabalataa kennaafii. Itti aansuunis biyya guddinni industirii jalqaba keessatti muldhate ibsuufiin adeemsa isaa irratti barattoota waliin marii taasisaa. Yeroo warraaqisa industirii jedhamu kana keessa kalaqawwan gaggeeffaman akka hubatan taasisaa. Fakkeenyaaf, meeshaaleen harkaan hojjachuu hambisuu isaanii maddi humnaas hurka bishaanii hoo'a cileen bahu ta'uu isaa fa'aa sirriitti akka hubatan taasisaauun yeroo ammaa waliin walbira qabanii akka madaalan gargaara.

Kana malees, warraaqisa industiriin walqabatee baay'inni hojjattoota guddachaa dhufuu, magaalonnis baballachaa deemuu fi ummata keessattis gitoonni haaraan uumamuu isaanis sirriitti qabachiisuun barbaachisaadha. Gitoota Buurziyaa fi dafqee bulaa gidduutti qabsoon gitaa jalqabamuun isaa dhiibbaa warraaqisi industirii fide ta'uu isaa hubachuu qabu. Dhuma irratti warraaqisa industiriin booda ilaalchi namootaa jijjiiramaa dhufuun yaad-rimeewwan kanneen akka Liberaalizimii, Piluraalizimii fa'aa addunyaa keessatti baballachaa deemuu isaanii ifa gochuufiin hiikkaa yaad-rimeewwan kanneenii sirriitti hubachiisuun barbaachisaadha.

### Madaallii

- Yaada marii kaa'uun hubannoo barattoota hordofuun madaaluun gaarii dha.
- Tokkoon tokkoon barattoota jijjiirama warraaqisa industiriin dhufe irratti barreeffama qopheessanii akka fidan gochuun hojii isaanii madaaluu.

### Waraana Addunyaa Tokkoffaa

#### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni erga mata duree kana baratani xumuranii booda:

- Sababoota gurguddoo Waraana Addunyaa Tokkoffaa ni tarreessu.
- Badii Waraanni Addunyaa Tokkoffaa geessise ni ibsu.
- Jijjiirama Waraanni Addunyaa Tokkoffaan geessise maal fa'a akka ta'e ni tarreessu.

## **Qophii Duraa**

Kitaabolee Waraana Addunyaa Tokkoffaa ilaalchisee barreeffaman dubbisuun of-qopheessuun barbaachisaadha. Kaartaa Addunyaa qopheeffachuun naannoo waraanichi itti adeemsifame barattootatti agarsiisuun barattoota sisi'eessaa.

### **Mala Baruu-Barsiisuu**

Waraana Addunyaa jechuun maal jechuu akka ta'e barattoonni kan beekan akka himan taasisaa! Itti fufuun hiikkaa isaa sirriitti itti himuun erga hubachiiftanii booda ibsa mata durichaatti seenaa.

Waraanni Addunyaa Tokkoffaa kaasuu kanneen dandeessisan sababa battalaa fi sababban gurguddoon ni jiru. Sababban kanneen addaan baasuun akka hubatan taasisaauun ni barbaachisa. Waraana kana irratti humnoonni garee lamatti hiramani wallolan eenyu fa'a akka ta'an itti himuun dirqama ta'a. Garee lamaan keessaa gareen waliigaltee sadeen (Triple Entente) kanneen mo'atan ta'uu isaanii fi sababa isaan mo'uu danda'aniif maal akka ta'e sirriitti akka hubatan taasisaa.

Waraanicha booda Liigiin Mootummoota addunyaa dhaabbachuu isaa fi kaayyoon isaa maal akka ta'e bifa mariin hubachiisaa. Waliigalteen Versaayi garee kam fayyadee fi garee kam akka miidhe ibsaafii. Dhuma irratti sababoota Liigiin Mootummoota Addunyaa itti kufuu danda'e ibsuufiin barnooticha xumuraa.

### **Madaallii**

- Saboota ka'umsa Waraana Addunyaa Tokkoffaa daree keessatti tokko tokkoon ka'anii akka himan gaafachuun hubannoo isaanii madaalaa.
- Sababoota kufaatii Liigii Mootummoota Addunya akka hojimeetti fudhatanii galuun barreeffaman akka dhiyeessan gochuun madaalaa.

## **Waraana Addunyaa Lammaffaa**

### **Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Barattoonni erga mata duree kana xumuranii booda:

- Sababoota ka'umsa Waraana Addunyaa Lammaffaa ni tarreessu.
- Badii Waraanichi geessise ni ibsu.
- Jijjiirama Sababa Waraanichaan Addunyaa keessatti dhufe ni ibsu.

## **Qophii Duraa**

Mata duree kana gahumsaan barsiisuuf akka isin gargaaruuf kitaabolee adda addaa dubbisuun of-qopheessuun gaarii ta'a. Kaartaa addunyaas daree keessatti bakka argamutti fannisuun itti gargaaramaa!

### **Mala Baruu-Barsiisuu**

Barattoonni Waraana Addunyaa Lammaffaa ilaalchisee kan dhagahan irraa yookiin kan dubbisan irraa waan beekan yoo jiraate akka himaniif carraa kennaafii. Achi irraa ka'uun haallan ka'umsa Waraana Addunyaa Lammaffaaf sababa ta'an ibsaafii. Sababban kanneen irrattis marii akka isaan gaggeessan jajjabeessaa.

Namoota ka'umsa Waraana Addunyaa Lammaffaaf adda duree ta'an kanneen akka Adoolf Hitilar, Beniitoo Mosoloonii fa'a kaasuun barattoonni akka irratti mari'atanii hubannoo isaanii cimsatan taasisaa. Yaada isaan kaasanis hordofuun ibsa dabalataa kennuufiin sirreessuu yaalaa.

Sababa Ameerikaan magaalota Jaappaan Hirooshimaa fi Nagaasaakii boombii atoomikiin rukkutteefis kaasuufiin gochi kun isaan biratti fudhatama qabaachuu fi dhabuu isaa yaada isaan kennan irraa hordofaa.

Dhuma irrattis badii waraanichi geessise tokko tokkoon akka irratti mari'atan gochuun hubannoo isaanii akka cimsatan taasisaa. Akkasumas, Jijjiirama Waraanichaan Addunyaa keessatti muldhate qabachiisuun xumuruu ni dandeessu.

### Madaallii

- Sababoota Waraana Addunyaa Lammaffaa daree keessatti tokko tokkoon akka himan gaafachuun hubannoo isaanii madaalaa.
- Badii Waraanichi geessise akka hojii manneetii akka hojjatanii gochuun waan hojjatanii fidan irra deemaatii ilaalaafi.
- Jijjiirama Waraana Addunyaa Lammaffaa booda addunyaa keessatti muldhate akka hojimaneeetti fudhatanii galuun gareen hojjatanii dhufanii daree keessatti akka ibsan gochuun madaalaa.

## DEEBII GILGAALA 1.4A

### Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

#### 1. Magaalonna baballataniiru.

- Gitoonni burziyaa fi dafqaan bulaa uumaman.
- Qabsoon hojjattoota eegalamuu danda'eera.
- Biyyoonni industiriin guddatan addunyaa to'achuuf dorgommii jalqaban.
- Yaaddan adda addaa madduu jalqaban;
  - Sooshaalizimii Saayinsaawaa
  - Liiberaalizimii
  - Piluraalizimii.

#### 2. Liiberaalizimiin

- Mirga dubbachuu, ceephoo, mirga waaqeffannaa fi mirga mootummaa to'achuu fa'adha.
- Piluraalizimiin immoo siyaasa keessatti jiraachuu dhaabbilee siyaasaa adda addaa yaada garaagarummaa qabaniiti.

#### 3. ● Sabbonummaa

- Waldorgommii impeeriyaalistootaa biyyoota koloneeffachuuf taasifame
- Loltummaa (militarism)
- Sadarkaa addunyaatti jeequmsa nageenyaa fi dhabiinsa seeraa.

#### 4. ● U.S. Ameerikaan miseensa Liigichaa ta'uu dhiisuu ishee.

- Sooviyeet Raashaanis turtee miseensa ta'uu ishee.
- Biyyoonni miseensa ta'an tokko tokkos dhiibamuun keessaa ba'uu isaanii.

#### 5. ● U.S. Ameerikaa fi Raashaan biyyoota hunda caalaa humna qabeessa ta'anii ba'uu isaanii.

- Addunyaan garee lamatti qoodamuu ishee.
  - Sirna kaappitaalizimii
  - Sirna Sooshaaliizimii
- Waraanni ololaa jalqabamuu (cold war) isaa.



## **Qabsoo Ummanni Afrikaa Baballina Sirna Kolonii Irratti Adeemsise**

### **Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Barattoonni erga mata duree kana baratani xumuranii booda:

- Ummattoota sirna kolonii ofirraa faccisuu yaalan ni himu.
- Sababa qabsoo Afrikaanonni sirna kolonii irratti gaggeessan milkaa'uu dadhabaniif ni ibsu.
- Fakkeenyummaa Waraanni Aduwaa qabsoo sirna kolonii ofirraa faccisuu keessatti qabu ni ibsu.

### **Qophii Duraa**

Kitaabolee mata duree qabsoo Afrikaanonni sirna kolonii irratti gaggeessan ilaalchisaanii barreeffaman dubbisuun of-qopheessuun barbaachisaa ta'a. Kaartaa Afrikaas qopheeffachuun naannoowwan qabsoowwan kunniin keessatti adeemsifaman agarsiisaa barsiisuun hubannoo isaanii cimsa.

### **Mala Baruu-Barsiisuu**

Sirna kolonii jechuun maal jechuu akka ta'e barattoonni hanga beekan akka himan taasisaa! Isatti aansuun sababa warri Awurooppaa ardii Afrikaa koloneeffachuu kaka'aniif maal akka ta'e akka ibsan gaafachuun yaada isaanii hordofaa. Kanarraa ka'uun guddina industirii booda Awurooppaanonni meeshaa dheedhii, humna namaa rakasaa ta'ee fi gabaa oomishaa isaaniif argahcuuf fedha isaan godhatan sirriitti qabachiisuu yaalaa.

Afrikaanonnis roorroo karaa koloneeffattootaan isaan irra gahe ofirraa ittisuuf yaalii isaan taasisaan mata dureewwan naannolee kitaaba barataa keessatti tuqame keessatti sirriitti akka hubatan taasisaa. Fakkeenyaaf, Ashaantee (Gaanaa), Seneegaal, Itoophiyaa (Aduwaa), Taanzaaniyaa (Maaji, Maaji), Maawu, Maawu (Keeniyaa) fa'a. Gootota kanaaf aarsaa ta'an kanneen akka Saamorii Tooree fi Joomoo Keeniyaa fa'aa kaasuun akka yaada irratti kennan taasisaauun barbaachisaadha.

Waraanni Aduwaa Itoophiyaa fi Xaaliyaanii gidduutti bara 1896tti adeemsifame injifannoo Itoophiyaan Xumuramuun isaa Afrikaanota biroof fakkeenya gaarii ta'uu isaa barattoonni akka hubatan taasisaa.

### **Madaallii**

- Awurooppaanonni maaliif Afrikaa koloneeffachuuf akka ka'an daree keessatti gaafachuun deebii isaanii hordofaa.
- Barattoonni gareetti hiramani naannoo fincilli sirna kolonii irratti adeemsifame hirachuun irratti qophaa'anii dareetti fiduun haa ibsan. Qophiin isaanii qabxii armaan gadii irratti haa xiyyeeffatu.
  - Eessatti akka gaggeeffame,
  - Eenyuun akka dursame,
  - Biyya kam irratti akka adeemsifame,
  - Yoom akka adeemsifame of keessatti qabaachuu qaba.

## DEEBII GILGAALA 1.4B

### Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Ingiliziin qabeenya warqii mootummaa Ashaantee to'achuuf jecha ummata Faantee waan itti kakaasteef Ingilizii fi Ashaantee gidduutti waraanni yeroo jalqabaa bara 1820n keessatti ka'e. Waliigalteen erga qabbanaa'ee booda deebi'ee bara 1873 walwaraanan. Yeroo kanatti Ingilizoonni Ashaantee weeraruun magaalaa isaanii kumaasii to'atan. Dhuma irrattis bara 1896 Ashaantiin harka Ingilizii jala galuu dandeesse.
2. Saamoorii Turee nama Seenegaal keessatti mootummaa ummata Maandinkaa hundeessee

tureedha. Haa ta'u malee, Faransaayonni bara 1890n keessa naannoo inni mo'aa ture waan to'achuuf yaalaniif waggoota torbaaf ofirraa faccisuu yaaleera. Haa ta'u malee, bara 1898tti waraana Faransaayin qabamuu danda'eera.

3. Waliigaltee Wucaalee Keeyyata 17.
4. Sirna Kolonii Jarmanii.
5. ● Ummanni Keeniyaa lafa isaa irraa akka buqqa'u waan taasifameef.  
● Ummanni Kikkuyyuu (Keeniyaa) kaffaltii xiqqaadhaan qotiisa Ingilizootaa irra akka hojjatu waan taasifameef.

## DEEBII GAFFIILEE XUMURA BOQONNAA 1

### Kutaa I: Deebii Gaaffiilee Soba yookiia Dhigaa

- |           |         |           |           |         |
|-----------|---------|-----------|-----------|---------|
| 1. Dhugaa | 2. Soba | 3. Soba   | 4. Dhugaa | 5. Soba |
| 6. Dhugaa | 7. Soba | 8. Dhugaa |           |         |

### Kutaa II: Deebii Gaaffiilee Deebii Filaannoo

- |       |      |      |      |       |
|-------|------|------|------|-------|
| 1. B  | 2. D | 3. A | 4. C | 5. B  |
| 6. A  | 7. A | 8. B | 9. C | 10. B |
| 11. A |      |      |      |       |

### Kutaa III: Deebii Gaaffiilee Walitti Firoomsii

- |      |      |      |      |      |      |
|------|------|------|------|------|------|
| 1. C | 2. E | 3. A | 4. B | 5. D | 6. F |
|------|------|------|------|------|------|

### Kutaa IV: Deebii Gaaffiilee Gabaabaa

1. Ardiin Antaarkitika naannoo bantii kibbaa waggaa guutuu carallaan biiftuu irraa maddu sababa dalgaan fageenya dheeraa irratti bira gahuuf hoo'a kennuu hin dandeenyetti argama. Kunis lafti ardichaa akka cabbii kuufamaan uwwifamu waan taasiseef jireenya namaatiif mijaa'aa miti.
2. Parshiyaanonni durii mootummaan buluu, seeraa fi amantii addunyaaf gumaachaniiru.
3. Hawaasni Roomaa durii bara mootummaa Rippubilikaa Paatrishiyaanota, Pileebiyaanotaa fi Garbootatti qoodama ture.
4. Koloneeffattoonni Awurooppaa biyya Ingiliziin irraa dhufan ummata Keeniyaa, keessattuu Kiikkuyyoota lafa qotiisaa biyyee gabbataa qabu irraa buqqisanii ofii irra qubachuun badhaadhaa yoo deeman ummanni keeniyaa qabeenya isaatti fayyadamuu dadhabuu isaa irraa kan ka'eeniidha.
5. Bara 1941 Jaappaan buufata doonii U.S. Ameerikaa kan taate Piirl Harbar boombiin rukuttee barbadeensuun ishii U.S. Ameerikaan aartee gara Waraana Addunyaa 2ffaatti akka seentu taasiseera.

## Humnoota Fuula Lafaa Jijjiiran

(Wayitii Ramadame: 15)

### BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA

Barnoota boqonnaa kanaa barataniis erga xumuranii booda:

- Humnoota irra lafaa jijjiiranii fi ta'eewwan isaanii ni hubatu.
- Fageenyaa fi baldhina lafaa kaartaa irraa ni shallagu.

### Qabxiwwan Ijoo

Lafti bara uumama (biliyoona 4.6 dura) ishii irraa eegalee jijjiiramni qaama ishii irratti taasifamu dhaabbatee hin jiru. Bara keessa jirru kanas itti fufee jira. Humnoonni bara ammaa qaama/fuula lafaa jijjiiran kunniin humnoota irra lafaa fi keessa lafaa jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Humnoonni irra lafaa irraa maddanii fuula lafaa jijjiiran bishaan yaa'uu fi bubbeedha. Kanneen lafa keessaa maddanii fuula lafaa jijjiiran immoo volkaanoo, dadacha'iinsa lafaa, rom'a lafaa fi babbaqaqiinsa lafaati.

### 2.1. HUMNOOTA FUULA LAFAA FI DHIIBBAA ISAAN JIREENYA NAMA IRRATTI FIDAN (WAYITII 4)

#### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni mata duree kana barataniis xumuran:

- Humnoota irra lafaatii maddanii fuula lafaa jijjiiran ni tarreessu.
- Dhiibbaa haramnii fi kuufamni biyyee qaama lafaa irratti fidu addaan baafatu.

#### Qophii Duraa

Barsiisaan/barsiiftuun barattoonni mata duree kana akka sirriitti hubatan gochuuf dursaan qophii armaan gadii raawwachuu isin barbaachisa.

- Mata duree kana ilaalchisee ibsa, yaadaa fi gochawwan siilabasii, kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa kana keessatti dhiyaatanii fi kitaabban biroo kan deeggaranis yoo argattan sirriitti dubbisuun yaada keessan gabbifadhaa.

- Meeshaalee mata duricha barsiisuuf isin gargaaran kaneen akka:
  - Kaartaa faca'iinsa laggeen haramaa fi kuufama biyyeef sababa ta'an agarsiisu.
  - Fakkiiwanii fi suuraawwan lafa biyyeen irraa haramee fi lafa biyyeen irratti kuufame agarsiisu qabachuu fi kaasuun qopheeffachuu barbaachisa.

### **Mala Baruu-Barsiisuu**

Mata duree harama biyyee jedhu gabatee gurraacha irratti barreessuun barattoonni haramni biyyee maal akka ta'e akka ibsan gaafadhaa. Barattoonni ibsa isaanii keessatti qabxiiwwan armaan gadii irratti akka xiyyeeffatan taasisaa.

- Wantoota biyyee qullaatti hambisanii haramaaf saaxilan
- Wantoota biyyee haranii fudhachuun geejjibsiisanii bakka biraatti geessanii kuusan
- Rakkoo haramni biyyee bakka irraa haramu irratti geessisuu fi faayidaa bakka irratti kuufamu irratti qabu.

Barattoota gara dirreetti baasaatii ta'eewwan harama biyyeen walqabatee jiru daawwachisaa. Sana booda gara dareetti deebi'anii wanta dirree irratti argan irratti mari'atanii yaada furmaataa akka kennan qajeelchaa. Dhuma irratti qabxiiwwan barattoonni marii isaanii keessatti kaasan, wantoota qabatamoo naannoo keessatti harama biyyeetiin walqabatani muldhatanii fi yaada madda adda addaa irraa argattan walitti cuunfuun yaada guduunfaa barattootaaf kennuun guduunfaa.

### **Madaallii**

Adeemsa baruu barsiisuu hunda keessatti tokkoo tokkoo barataa/ttuu hordofuun hanqina qaban addaan baafachuun gargaarsa addaa taasisaaf.

## **DEEBII GOCHA 2.1**

Deebii gocha kanaa raawwi barattoonni naannoo mana barnootaa isaanii keessatti garee miseensota sadii hanga shanii qabuun ijaaramanii gaaffilee gocha kanaa kitaaba barataa keessatti dhiyaate hordofonii qorannoo gaggeessanii gabaasa shiyeessan madaaluun kan murtaa'uu ta'a. Isinis akka barsiisaatti kaayyoo barattoonni qorannicha gaggeesaniif hubachiisuun, garee qorenoo maala barattootaaf mijaa'aa ta'uun ijaaruu, maddoota barattoonni odeeffanno irraa argatan heeruun akkaataa odeeffannoo argatan itti gindeeffatanii fi gabaasa itti gapheeffatan irratti barattoota qajeelchuunii fi gabaasa dhiyeessan madaaluun isin irraa eegama.

## **2.2. HUMNOOTA KEESSA LAFAA FI DHIIBBAA ISAAN JIREENYA NAMAA IRRATTI FIDAN (WAYITII 5)**

### **Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Barattoonni barnoota mata duree kanaa baratani erga xumuranii booda:

- Humnoota keessa lafaa irraa ka'uun fuula lafaa jijjiiran ni tarreessu.
- Humnoonni keessa lafaa irraa maddanii fuula lafaa jijjiiran dhiibbaa jireenya namaa irratti uuman ni ibsu.

### **Qophii Duraa**

Barnoota mata duree kanaa akka isa mata duree armaan oliitti wanti sochii irratti arganii hubachuu danda'an dhiyeenyatti argamuu dhiisuu danda'a. Haa ta'u malee, haallan teessuma lafaa humnoota

keessa lafaatiin uumamanii naannootti muldhatan baay'ee ta'uu danda'u. Kanaafuu, mata duree kana sirnaan barsiisuuf:

- Kaartaa naannoo Baha Afrikaa keessatti facaatii volkaanoo fi sulula qiinxamaa guddaa.
- Fakkiiwwanii fi suuraawwan baqqaanota lafaa sadan, laavaa dhangala'aa jiru, haara volkaanoo fi qaama lafaa garaagaraa volkaanoo wajjin wal qabadhaa uumaman agarsiisu kitaabban garaa garaa keessaa ilaaluun walitti qabachuu.
- Yaaddan kitaaba barataa keessatti dhiyaatanii fi maddoota biroo irraa argaman dubbisuun hubannoo keessan gabbifadhaa.

#### Mala Baruu-Barsiisuu

- Gosoota humna lafaa keessa lafaatii maddanii fuula lafaa irratti jijjiirama fidan akka maqaan tarreessan barattoota gaafachuun barnoota guyyaa eegalaa.
- Maqaa humnoota keessa lafaa barattoonni tarreessan tokko tokkoon gabatee gurraacha irratti galmeessaa.
- Humnoota keessa lafaatii maddanii fuula lafaa jijjiiranis ta'ee isaanii wajjin wal qabsiisuun tokko tokkoon fudhachuun kaartaa, fakkiiwwanii fi suuraawwan qopheeffattanitti fayyadamuun barattootaaf ibsa kennaa. Ibsa kennitan keessatti dhiibbaa humnoota keessa lafaatiin rakkoo jireenya namaa irra gahuu danda'u wajjin wal qabachiisaa.

#### Madaallii

Mata duree kana ilaalchisee barattoota keessan haala armaan gadii kanaan madaalaa.

### DEEBII GILGAALA 2.1

#### Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Dhohiinsa volkaanoo, romi'a lafaa, dadacha'iinsaa fi bababbaqaqiinsa lafaati.

2. Gaara Veesuviwus, Ertaallee fi Moontiserat

## 2.3. FAGEENYAA FI BALDHINA LAFAA KAARTAA IRRAA SHALLAGUU (WAYITII 6)

#### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa baratanii xumuran:

- Iskeeliin kaartaa maal akka ta'e ni humu.
- Maloota garaa garaa iskeeliin dheerinaa (linear scale) itti ibsamu ni tarreessuu.
- Iskeelii kaartaa bifa isa tokko irraa gara isa biraatti shalaganii jijjiiruun ni barreessu.
- Fageenyaa fi baldhina lafaa kaartaa irratti danaalee ji'omeetiriin bakka bu'anii ni shallagu.

#### Qophii Duraa

- Kaartaa halluu adda addaa dibamee qophaa'ee fi fakkiiwwanii fi mallattoolee ibsa wajjin handaara isaa irraa qabu.

- Waraqaad adii, sarartuu, qubeessaa fi haqtuu wixinee kaartaa kaasuuf gargaaran qopheeffachuu barbaachisa.

### Mala Baruu-Barsiisuu

Barattoonni maalummaa iskeelii kaartaa akka ibsan gaafachuun mata duree kana eegalaa. Itti aansuun:

- Gaaffiiwwan adda addaa qopheessuun akka barattoonni irratti shaakalanii gosa /bifa/ iskeelii kaartaa tokkoo isa biraatti jijjiiruu akka danda’an taasisaa. Tokkoo tokkoo barattootaa hojii irratti ilaaluun dogoggora uuman sirriisaa deemaa.
- Keessa kutaa itti barataniitti meeshaalee argaman haala teessuma isaaniitiin waraqaad irratti kaasanii akka agarsiisani hojii daree kennuufiin raawwii isaanii hojii irratti hordofuun sirreessaa deemaa.
- Danaa wantoota bifa rog-sadee, reektaangilii, iskuweerii fi kanneen kana fakkaatanii kaartaa iskeelii qabu irraa safaranii fageenyaa fi baldhina lafa irraa shallaguu akka danda’an gaaffiiwwan adda addaa akka hojjatan kennuufiin shaakalisiisaa.

### Madaallii

1. Gocha 2.2 barattoonni akka hojjatan taasisuun hordofuun bu’aa argatan madaalaa.
2. Barattoonni:
  - Iskeelii kaartaa bifa tokkoo isa biraatti jijjiiruu akka danda’an.
  - Fageenya lafa irraa kaartaa safaranii shallaguu akka danda’anii fi
  - Baldhina lafaa kaartaa irraa danaa fiigaroota kofa sirrii qabanii shallaguu akka danda’an hordofuun madaalaa.

## DEEBII GOCHA 2.2

Gocha kana hojii barattoonni raawwatan (Lakkoofsa 1-6) hordofuun deebii keenname ilaaluun sirrii ta’uu isaa ilaaluun kan murteessitan ta’a.

### DEEBII GAAFFIILEE XUMURA BOQONNAA 2

#### Kutaa I: Deebii Gaaffiilee Dhugaa yookiin Soba

1. Dhugaa
2. Soba
3. Soba

#### Kutaa II: Deebii Gaaffiilee Filannoo

1. A
2. A
3. C
4. A
5. B
6. A

#### Kutaa III: Deebii Gaaffiilee Walitti Firoomsuu

1. B
2. D
3. A
4. E

#### Kutaa IV: Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Veentiin boolla tokkicha volkaanoon keessaan dhangala’u yoo ta’u fiishariin immoo boollaa baay’ee naannoo tokko keessatti volkaanoon keessaan dhangala’uudha.
2. (a) 3 km      (b) 42 km<sup>2</sup>

## Dhiibbaa Dhalli Namaa Sirna Ikkoo Irraan Gahu

(Wayitii Ramadame: 8)

### BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA

Barnoota boqonnaa kanaa baratani yoo xumuran:

- Wantoota manca'iinsa qabeenya uumamaf sababa ta'anii fi rakkoowwan sababa manca'iinsa kanaan dhufan ni hubatu.
- Wantoota naannoo uumamaa faalanii fi haala kamiin faalamuu akka danda'an ad-daan baafatu.
- Wantoota hoo'i addunyaa akka dabaluu taasisanii fi rakkoo kanaan dhufu ni hubatu.

### Qabxiwwan Ijoo

Dhalli namaa jireenya ofii gaggeessuuf jecha sochiilee dinagdee garaa garaa irratti hirmaata. Gosoota sochiilee dinagdee keessaa kan dhalli namaa baldhinaan irratti hirmaatu hojii qonnaati. Qotiisni lafa qotanii biqiltuu dhaabuun yookiin midhaan gosa adda addaa facaasuun oomisha nyaataaf yookiin gurguraaf oolu oomishuudha.

Lafa qotiisaa baasuuf namni biqiltuu uumamaan lafa irratti argamu ciree balleessuun isa nyaataaf itti fayyadamu dhaaba yookiin facaasa. Biqiltuu gosa hedduu uumamaan wal makee margu ciranii biqiltuu gosa tokkootti jijjiiruun sirna ikkoo jijjiiruudha. Sirna ikkoo uumamaa keessatti yaa'insi marsaa lubbu qabeeyyii oomishitoota, fayyadamtoota fi bulleessitoota jedhamee osoo wal irraa hin cinne itti fufa. Adeemsa sirna ikkoo gosa biqiltuu tokkoo keessatti oomishitootaa fi fayyadamtoota qofaatu muldhata. Gosti biqiltuu gos-tokkee marsaa itti fufiinsaa hin qabu. Dhibee gosa adda addaatiifis haala salphaan saaxilama.

Biqiltuu uumamaa ciranii balleessuun biyyeen akka waan walitti qabu dhabee bishaan yaa'uu fi bubbeen haramee badu taasisa. Bineensonni bosonaa bakka jireenyaa fi waan nyaatan dhabanii akka baqatanii fi dhuman taasisa. Karaa biraatiinsi oomisha biqiltuu gos-tokkee dabaluuuf jecha qorich farra aramaa fi ilbiisotaa namni biqiltuu dhaabetti yookiin midhaan facaasetti biifu bishaanitti makamee gara lagaatti yaa'uun bishaan lagaa faala. Qorich farra ilbiisotaa biifamu kunis foolii badaa qabuun qilleensa naannoo ni faala.

Baay'ina lakkoofsa ummataa lafa irratti dabalaa deemuuf oomisha qonnaa dabalataan argachuuf jecha bosona gubamu keessaa aarri akka kaarboon daayoksaadii fi kiloroflora kaarboon (CFC) gara

qilleensa naannawa lafaatti makamuun faala. Gaasonni kunniin qilleensa keessatti baay'achaa deemuun hoo'a lafa irraa akka ol hin kaane taasisuun hoo'i fuula lafaa akka dabaluu taasisu. Hoo'i fuula lafaa akka dabaluu taasisuun baqqaanni oozonii carallaa altiraavaayoleetii lubbu qabeeyyii fuula lafaa irra jiran irratti miidhaa fidu ittisu uratee carallaa kana akka of keessa dabarsu taasisa. Hoo'i addunyaa irratti dabalaa deemuun cabbiin bantiilee lafaa irratti kuufamee jiru baqee garbawwan gurguddootti makamuun olka'iinsi isaanii dabalee lafti qarqara galaanotaa jiru akka liqiffamu taasisa. Gammoojjummaan fuula lafaa irratti akka babalchaa deemu taasisa.

### 3.1. HARIIROO SOCHII DHALA NAMAA FI QABEENYA UUMAMAA (WAYITII4)

#### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barnoota mata duree kanaa baratani yoo xumuran:

- Rakkoo qabeenya uumamaa mancaasuun sirna ikkoo irratti qabu ni tarreessu.
- Sochii naannoo keessatti qabeenya uumamaa kunuunsuuf taasisuu qaban ni tarreessu.
- Wantoota ciccimoo qabeenya bishaanii fi qilleensaa faaluun beekaman ni tarreessu.

#### Qophii Duraa

Barnoota mata duree kanaa sirnaan barsiisuuf qabxiiwwan armaan gaditti tarreeffaman kanneen irratti dursaan qophaa'uu barbaachisa.

- Kitaaba barataa fi kitaaboota biroo waa'ee sirna ikkoo irratti barreeffaman sirriitti dubbisuun maalummaa sirna ikkoo fi yaa'insa sirna ikkoo uumamaan jiru irratti hubannoo gahaa horachuu qabdu. Wantoota yaa'insa sirna ikkoo addaan kutuuf sababa ta'anii fi rakkoolee sirna ikkoo addaan kutuun qabu haala naannoo jireenyaa keessan wajjin wal qabsiisuun sirriitti hubadhaa.
- Meeshaalee gargaarsa barnootaa mata duree kana haala qabatamaan barsiisuuf isin gargaaran kanneen duraan qophaa'an yoo jiraatan walitti qabadhaa. Isaan kanaan dura hin hojjatamne yoo ta'e immoo kitaaba barataa fi maddoota biroo irraa ilaaluun hojjachuun qopheeffadhaa. Fakkeenyaaf:
  - Fakkiiwwanii fi suuraawwan naannoowwan bosonaan uwwifamee jiru, bosonni irraa ciramee baduun biyyeen qullaatti hafee dhiqamaa jiru agarsiisu.
  - Kaartaa addunyaa faca'iinsa biqilootaa agarsiisu.
  - Naannoo mana barnootaa keessan keessatti bakka biyyeen irraa dhiqamee qullaatti hafe yoo jiraate yookiin wantoonni faalama qilleensaaf yookiin faalama bishaaniif sababa ta'an yoo jiraatan akka barattoonni daawwachuun rakkoolee jiran hubachuu danda'an gochuuf dursaan bakka daawwa'atan ilaaluun addaan baafadhaa.

#### Mala Baruu-Barsiisuu

Jecha sirna ikkoo jedhu gabatee gurraacha irratti barreessuun akka barattoonni ibsa irratti kennan dabaree dabreen gaafadhaa. Hiikaa barattoonni kennan hunda erga irraa fuutani booda sirna ikkoo (ecosystem) jechuun naannoo jireenya isaanii keessatti hariiroo marsaa jireenyaa biqiloonni, bineeldonni fi mikroobonni waliin qaban jechuu akka ta'e ibsaafi. Itti aansuun hariiroo marsaa jireenyaa:



- Biqiloonni, bineeldonnii fi mikroobonni waliin qaban irratti fakkiin deeggaramuun (fakkii yaa'insa marsaa jireenyaa isaanii agarsiisu).
- Hariiroon marsaa jireenyaa isaani kun yoo addaan cite rakkoo uumamuu danda'u irratti gareen marii'atanii akka gabaasa dhiyeessan hoji-manee/ daree kennaafi.

Gabaasa barattoonni daree keessatti garee gareen walii dhiyeessan keessatti maalummaa fi marsaa jireenya sirna ikkoo sirriitti akka hubatan taasisaa.


Adeemsa lammaffaa irratti wanti barattoonni keessan beekuu qaban wanta yaa'insa sirna ikkoo uumamaan jiru addaan kutuu fi rakkoo yaa'insa sirna ikkoo uumamaa addaan kutuun fidu akka hubatan gochuudha. Kaayyoo kana bakkaan gahuuf maloota armaan gadii kanneenitti fayyadamaa.

1. Barattoonni naannoo isaanii keessatti daawwa'annaa gaggeessuun bakkeewwan sirna ikkoo gulantaa sadaffaa fi lammaffaa itti argaman akka addaan baafatan.
2. Garaagarummaa sirna ikkoo gulantaa sadaffaa fi lammaffaa jidduu jiru.
3. Sababa sirna ikkoo gulantaa sadaffaa gara sirna ikkoo gulantaa lammaffaatti jijjiiramuu danda'eef.
4. Rakkoowwan sirna ikkoo gulantaa lammaffaa wajjin walqabatani qabeenya akka biqilootaa, biyyee, bishaanii fi bineensota bosonaa irra gahan sakatta'anii gabaasa qopheessanii akka dhiyeessan garee miseensota shan shan ofkeessaa qabu hundeessuun hoji-manee kennaaf.

Barattoonni gabaasa isaanii garee gareen qindeessanii akka dareef dhissan taasisuun bu'aa argannoo gareewwanii barattoonni daree hundi akka irratti mari'atanii cimsan haala mijeessaa. Qabxiwwan gurguddoo barattoonni gabaasaa fi marii isaanii keessatti kaasanii fi kitaaba barataa keessatti dhiyaate wal simsiisuun sadarkaa naannoo isaanii irraa hanga addunyaatti jiru irratti hubannoo gahaa argachuu akka danda'an barattootaaf ibsa kenna. Adeemsa ibsa kana kennuu keessatti meeshaalee deeggarsa barnootaa qopheeffattan:

- Fakkiiwwanii fi suuraawwanitti fayyadamuun naannoowwan bosonni irra jiruu fi irraa ciramee biyyeen irraa harama itti agarsiisuun garaagarummaa isaanii fi rakkina jiru ibsaaf.
- Kaartaa faca'iinsa biqilootaa agarsiisutti fayyadamuun naannoo bosonni Amaazon, Koongoo fi Indooneeshiyaa itti argamu barattootti agarsiisaa. Bosonni naannoowwan sadan kunniin itti argamu bosona godina hoo'aa naannoo roobaa jedhamuun beekamu. Bosona addunyaa irratti argamu keessaa bosonni kun isa baay'ee rukkataa, biqiloota gosa baay'ee fi mukkeen gurguddoo of keessaa qabuudha. Bosonni kun baldhinaan kan argmu biyya Biraaziil sulula laga Amaazon keessatti. Akkaataa bosonni biyya Biraaziil keessatti argamu kun itti manca'aa jiru kitaaba barataa keessaa dubbisuun barattootaaf ibsaa.

Itti aansuun bosona uumamaa ciranii mancaasuun biqiltuu gos-tokkee dhaabuun/facaasuun rakkoo biqiloonni dhibee of irraa ittisuu irratti, harama biyyee ittisuu fi marsaa yaa'insa sirna ikkoo irratti qabu ibsaafi. Walumaagalatti, dhiibbaa dhalli namaa qabeenya uumamaa irraan gahuun yaa'insi sirna ikkoo kan jijjiiramu ta'uu isaa, jijjiiramni yaa'insa sirna ikkoo harama biyyee, qabeenya biqilootaa, bineensotaa fi bishaan irraan gahu chaartii armaan gadii irraa ilaaluun barattoota hubachiisaa.



Kana malees, kitaaba barataa keessatti dhimmoota faalama bishaanii fi qilleensaa ilaalchisee dhiyaate sirriitti dubbisuun wantoota naannoo keessan keessatti fakkeenya ta'uu danda'an irraa ka'uun rakkoo akka biyya keenyaa fi addunyaatti jiru barattootaaf ibsaa. Wantoota naannoo keessan keessatti akka qilleensii fi bishaan faalaman taasisan yoo jiraatan hanga danda'ameen akka barattoonni deemanii daawwa'achuun hubatan taasisaa.

### Madaallii

- Deebiiwwan gochootaa fi gilgaalotaa barattoonni hojjatanii dhiyeessan, sochii tokkoo tokkoon isaan kutaa keessatti taasisan ilaaluun madaala.

### DEEBII GOCHA 3.1A

Gaaffiiwwan lakkoofsa 1-3tti jiran hubannoo barattoonni qabeenya naannoo isaanii irratti qaban cimsuuf waan ta'eef odeeffannoo qulqullinaan namoota waa'ee gaaffiiwwan dhiyaatanii beekan irraa funaananii qindeessanii dhiyeessan achumatti ilaaltanii sirrii ta'uu isaa kan murteessitan ta'a. Irra caalaatti wanti gocha kana irraa eegamu odeeffannoo barattoonni dareetti fidanii irratti mari'atanii haala qabatamaa naannichaa wajjin walqabsiisuun akka hubatan gochuudha.

### DEEBII GOCHA 3.1B

1. Barattoonni wantoota naannoo keessan keessatti faalama bishaaniif sababa ta'an kanneen akka tortoraa (balfaa) bishaan keessaa fi qarqara bishaaniitti gatuu irraa, beeyiladoonni yookiin bineensoni seenanii booressuun, bishaan xuraa'oon warshaalee fi manneen jireenyaa keessaa bahu itti makamuun ta'uu danda'a.

2. Barattoonni laga dhiyeenyatti argamu ilaalanii rakkina qulqullinaa inni qabu irratti barreeffama dhiyeessan ilaaluun madaalaa.
3. Barattoonni wantoota naannoo isaanii keessatti bishaan faalaan beekanii haala kamiin kunuunsuu akka danda'an irratti yaada sirrii dhiyeessuu isaanii ilaaluun madaalaa.

### DEEBII GILGAALA 3.1

#### Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Itoophiyaa keessatti wantoonni faalama qilleensaaf sababa ta'an aara suumma'aa konkolaataa fi warshaalee keessaa bahu, tortoraawwan bakkeewwan adda addaatti (keessattuu magaalota keessatti) kuufamanii argaman, aara maneen jireenyaa fi bosona gubatu irraa ka'u fa'a.

2. Wantoota naannoo jireenyaa keessan keessatti qilleensa faalan barattoonni addaan baasanii tarreessuu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneeffadhaa.

3. Kanas barattoonni kaartaa Itoophiyaa irratti naannoo baha Itoophiyaa bakkeewwan Finfinnee hanga Jibuutiitti konkolaataawwan baay'een irra deeman halluu dibanii agarsiisuu isaanii ilaaluun mirkaneeffadhaa.

### 3.2. SABABBANII FI DHIIBBAAWWAN OO'IINSA LAFAA (WAYITII 4)

#### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni mata duree kanaa baratani xumuran:

- Wantoota oo'a addunyaa dabalaa deemuuf sababa ta'e ni tarreessu.
- Hoo'i addunyaa irratti dabalaa deemuun dhiibbaa ummata, biqiloota uumamaa fi bineensota bosonaa irraan gahu ni ibsu.

#### Qophii Duraa

Maddoota adda addaa irraa dubbisuun wantoota qilleensa naannawa lafaatti makamani dabalaa deemu oo'a addunyaatiif sababa ta'anii fi rakkoolee oo'a addunyaa dabalaa deemuun dhufuu danda'an irratti hubannoo keessan cimsadhaa. Kana birattis fakkiwwanii fi suuraawwan akkaataa gaasiwwan suumma'oon gara qilleensa naannawa lafaatti itti makaman agarsiisan walitti qabadhaa.

#### Mala Baruu-Barsiisuu

Barattoonni gaasota suumma'oo qilleensa naannawa lafaatti makamuun daballii hoo'a addunyaaf sababa ta'an tarreessanii haala kamiin akka hoo'i addunyaa dabaluu taasisan irratti mari'atanii akka ibsan taasisaa. Gaaleewwan akka Giriinhawus iffeektii, urachuu baqqaana oozonii fi carallaan infiraa reedii maal akka ta'an akka ibsan gaafadhaa. Itti aansuunis dabaluu hoo'a addunyaatiin dhiibbaa qilleensa baramaa, biqiloota uumamaa, bineeldota fuula lafaa irra jiraatanii fi qilleensa naannawa lafaa irratti gahu irratti mari'atanii akka yaada isaanii kennan taasisaa.

Dhuma irratti yaada kitaabolee adda addaa dubbisuun argattan, fakkiwwanii fi suuraawwan walitti qabattanii fi yaada marii barattoota irraa argattan walitti cuunfuun ibsa mata duree kanaa irratti barattootaaf hubannoo gahaa uumuufii danda'u kennuun mata duricha guduunfaa.

## Madaallii

Gaaffiiwwan, mariiwwanii fi deebii tokkoo tokkoon barataa/ttuu adeemsa barachuu fi barsiisuu keessatti taasisan hordofuun madaaluun isin irraa eegama.

### DEEBII GILGAALA 3.2

#### Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Kaarboon daayoksaayid ( $\text{CO}_2$ ), miteen ( $\text{CH}_2$ ), Naayitrawusoksaayid ( $\text{NO}_2$ ) fi kilorofloro kaarboon ( $\text{CF}_x\text{CL}_x$ ) dha.
2. Maddi gaasota qilleensa naannawa lafaa keessa galanii hoo'i addunyaa akka dabalamu aara mana jireenyaa, warshaalee fi bosona gubatu keessaa bahaniidha.
3. Hoo'a dabalaa deemuun cabbiin bantiilee lafaa irra jiru baqee garba guddaatti makamee baldhina isaa dabaluun qaamni lafaa qarqara galaanaa akka liqinfamu taasisa. Rooba asiidii lubbu qabeeyyii irratti miidhaa fidu akka roobu taasisa. Hongeen babaldhatee biqilootaa

fi bineeldota irra akka miidhaan gahu taasisa. Baqqaanni oozonii uratee carallaan altiraavaayoleetii lafa irra gahee akka miidhaa nama irratti uumu taasisa.

4. Roobni asiidii biqiloota fuula lafaa irratti argaman suummessuun akka gogan taasisa. Bineeldota bishaan rooba asiidiin argame dhuganii fi bishaan keessa jiraatan irratti miidhaa geessisa.
5. Haphachuu baqqaana oozonii carallaan altiraavaayoleetii lafa irra gahee gogaa namaa irratti dhibee kaansarii, ijji namaa akka moora uffatuu fi lubbu qabeeyyiin bishaan keessatti aragaman akka dhuman taasisa.

### DEEBII GAFFIILEE XUMURA BOQONNAA 3

#### Kutaa I: Deebii Gaaffiilee Soba yookiin Dhugaa

1. Dhugaa
2. Dhugaa
3. Dhugaa

#### Kutaa II: Deebii Gaaffiilee Walitti Firoomsuu

1. B
2. A
3. D

#### Kutaa III: Deebii Gaaffiilee Filannoo

1. D
2. C
3. B
4. C
5. C

#### Kutaa IV: Deebii Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Oomishoota, fayyadamtootaa fi bulleessitoota.
2. Roobni ni dhabama, hoo'i ni dabala. Hongeen babaldhachuun namaa fi bineeldota irratti dhumaatii fida.

## Ajandaa Ummataa

(Wayitii Ramadame: 29)

### BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA

Barattoonni erga barnoota boqonnaa kanaa baratani booda:

- Gahee dargaggoonni HIV/Eedsii ittisuu, imaammata ummataa fi walqixxummaa saalaa eegsisuu keessatti taphatan ni dinqisiifatu.
- Karaalee gochaawwan miidhaa geessisan ittiin maqsan ni tarreessu.
- Kaayyoowwanii fi qajeelfamoota Dhaabbata Mootummoota Walta'anii fi yaadrimee Giloobaalizeeshinii ni ibsu.

### Qabxiiwwan Ijoo

Boqonnaan kun dhimmoota ummataa fi dhimmoota yeroo ammaa jireenya ummataa addunyaa wajjin walqabate of keessatti qabata. Lakkoofsonni 4.1 fi 4.2 waa'ee dhibee HIV/Eedsii, gochawwan miidhaa geessisanii fi waa'ee Koorniyaa irratti xiyyeeffatee barsiisu. Dhimmoonni kunniin immoo jireenya hawaasaa guyyaa guyyaatti qunnaman waan ta'aniif barattoonni sirriitti hubachuu qabu.

Karaa biroo lakkoofsi 4.3 waa'ee Dhaabbata Mootummoota Walta'anii fi Giloobaalaayizeeshinii barsiisa. Dhimmoota addunyaa kunis kanneen barattootaan baratamuu qabaniidha. Akka qaama addunyaa tokkootti dhimmoonni kunniin dargagootaan baratamuun dirqama ta'a. Kanaafuu, mata dureewwan boqonnaa kana jalatti hammataman sirriitti hubachiisuun gahee isin irraa eegamudha.

### 4.1. DHIMMOOTA UMMATAAN WALQABATAN (WAYITII 9)

#### HIV/Eedsii ittisuu Keessatti Gahee Dargagootaa (Wayitii 4)

##### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni mata duree kana erga baratani booda:

- Ogummaa jireenyaa, HIV/Eedsii ittisuuf nama gargaaru ni horatu.
- Namoota warra dhukkubsattoota HIV/Eedsii fi maatii isaaniif gargaarsaa fi kunuunsa taasisan fakkeenya godhachuun akkuma isaanii hojjachuu ni shaakalu.

## Qophii Duraa

Barreeffamootaa fi kitaabolee HIV/Eedsii irratti barreeffaman dubbisuun of qopheessuun barbaachisaadha. Keessumaa miidhaa dhibeen kun Itoophiyaa, akkasumas Oromiyaa irraan gahaa jiru sirriitti hubachuun keessan barattoo taafis beekumsa gahaa ta'e qabachiisuuf waan isin gargaaruuf barreeffamoota mata duree kana irratti barreeffaman hanga danda'ametti sakkatta'uun isin irraa eegama.

## Mala Baruu-Barsiisuu

Osoo ibsa mata duree kanaatti hin seenin dura barattoonni dhibee HIV/Eedsii ilaalchisee waan beekan akka ibsan gaafadhaa! Ibsa kanas tokko tokkoon ka'anii hanga beekan haa ibsan. Isa booda ibsa dabalataa kennaafii. Ibsa keessan keessattis Itoophiyaa keessatti namoonni hangam hubamaa akka jiran lakkoofsaan walqabsiisuun hubachiisuu yaalaa. Qaamolee ummataa baay'inaan miidhamaa jiran keessaa garri caalu dargaggoota akka ta'anis sirriitti hubachiisaa.

Dhibeen kun biyyoota hedduu irraan miidhaa guddaa geessisaa jiraachuu isaa erga hubachiiftanii booda akkaataa ittiin ofirraa ittisuu danda'an irratti akka mari'ataniif haala mijeessaafi. Marii isaanii hordofuun ibsa dabalataa kennaafi. Ibsa keessan keessatti karaa ittiin ofirraa ittisuu danda'an sirriitti hubachuu isaanii mirkaneeffadhaa.

Karaa biroo wanti barattoonni sirriitti hubachuun irra jiru waa'ee kunuunsa namoota dhibee kanaan qabamaniiti. Dargaggoonni hawaasa naannoo isaaniif tajaajila hojii namummaa kennuun irraa eegama. Hojii namummaa keessaa tokko namoota dhibee HIV/Eedsiin qabaman kunuunsuu akka ta'e hubachiisuun barbaachisaadha. Ofii isaaniin kunuunsa godhaniin alatti hawaasnis namoota dhibee kanaan qabamaniif gargaarsaa fi kunuunsa akka taasisu gorsa kennuu qabu. Kanas gochuu kan danda'an ofii isaaniif fakkeenya ta'anii akka ta'e hubachuu qabu. Maal maal fa'a hojjachuun akka kunuunsaan qayyabachiisuu qabdu. Waa'ee kunuunsa namoota kanaan qabanii ilaalchisee daree keessatti akka mari'atan jajjabeessaa.

## Madaallii

- Akkaataa dhibee HIV/Eedsii ofirraa ittisuun danda'amu daree keessatti akka himan gaafachuun hubannoo isaanii madaaluu.
- Gareetti hiramani kunuunsa namoota dhibee HIV/Eedsiin qabamaniif taasifamuu qabu irratti barreeffama qopheessuun dareetti akka dhiyeessan gochuun madaaluu.

## DEEBII GILGAALA 4.1A

### Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

- Irraa of eeguu
  - Dhiibbaa Hiriyyaa irraa ofeeguu
  - Waa'ee gara fuulduraa yaaduu.
- Manneen amantii fi marii hawaasaa keessatti akka hirmaatan gochuu.
  - Hawaasni namoota dhibee HIV/Eedsiin qabaman akka kunuunsuu fi gargaaru gorsuu.

- Namoota dhibee HIV/Eedsiin qabamanii huccuumiichachuu hindandeenyee fi meeshaa mana keessaa biroo isaan barbaachiisu hin qabne sagantaa dhaabbataa qindeessuun bakka jiranitti gargaaruu.
3. Dargaggoonni humnaa fi yeroo qaban walitti qindeessuun karaa waldaa isaanii fi gumii manneen barnootaa keessatti gurmeessaniin namoota dhibee HIV/Eedsiin qabamaniif kunuunsa gochuu ni danda'u jechuu dha.

## Tarsiimoo Saffisaan baay’ochuun Lakkoofsa Ummataa Ittiin To’atamu (Wayitii 5)

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni mata duree kana erga baratani xumuranii baada:

- Haala lakkoofsi ummataa Itoophiyaa keessatti itti dabalaa deemu ni hubatu.
- Tooftaa saffisaan daballii lakkoofsa ummataa hirdhisuuf wixineeffame addaan baafatu.
- Tooftaa Imaammata Dhimma Ummataa hojii irra oolchuu fi hiyyummaa hirdhisuu ni ibsu.

### Qophii Duraa

Barulleewwan, kitaabolee fi Imaammata Dhimma Ummataa biyyoota garaa garaa keessatti bahu dubbisuun:

- Rakkoolee saffisaan daballii lakkoofsa ummataa wajjin wal qabatani dhufuu danda’un addaan baafadhaa.
- Saffisaan daballiin lakkoofsa ummataa dhuguma rakkoodha moo rakkoo miti yaada jedhu xiinxaluun addaan baafadhaa. Saffisaan daballiin lakkoofsa ummataa “hiyyummaaf sababa ta’a” “lakki hiyyummaaf sababa hin ta’u” mata dureewwan jedhan irratti akka wal morman dursaan heeruun akka irratti qophaa’an hoji-manee kennaafi.

### Mala Baruu-Barsiisuu

Saffisaan daballii lakkoofsa ummataa jechuun maal jechuu akka ta’e akka barattoonni isinii ibsan gaafachuun barnoota guyyicha eegalaa. Ibsa barattoonni dabaree dabareen kennan daqiiqota muraasaaf erga irraa fuutani booda yaada kitaaba barataa fi maddoota adda addaa irraa dubbifanii argattanii fi ibsa barattoota walitti cuunfuun saffisaan daballiin lakkoofsa ummataa maal akka ta’e barattoota qabachiisaa. Dhimma kana wayita ibsitan odeeffannoo gabatee 4.1 kitaabaa barataa keessatti dhiyaatetti fayyadmaa.

Itti aansuun saffisaan daballuun lakkoofsa ummataa rakkina itti fayyadama qabeenya uumamaa irratti qabuu fi argannaa tajaajiloota hawaasuummaa irratti qabu fakkeenya naannoo barattoonni beekan fudhachuun ibsaafi. Itti fayyadama qabeenya uumamaa ilaalchisee hanga lakkoofsi ummataa naannicha keessatti dabalaa deemu bosonni ciramee mancha’uu, biyyeen haramee baduu, lafti qotiisaa fi mana jireenyaa ijaarachuuf ta’u dhiphachaa dhufuun haala naannicha keessatti muldhatu wajjin walqabsiisuun barattoota hubachiisaa.

Wantoonii gara tajaajilaatti lakkaa’aman barnoota, eegumsa fayyaa, bishaan, ibsaa elektirikaa, bilbilaa fi geejjiba fa’aa. Saffisni lakkoofsi ummataa itti dabalaa deemu saffisa tajaajilooni kunniin itti babaldhataa deeman wajjin kan walgitu ta’uu baannaan wal gahuu dadhabuun tajaajiloota kanneen hanga argachuu dhabuutti kan geessisu ta’uu isaa fakkeenya naannoo keessanitti muldhatu fudhachuun ibsaaf. Sadarkaa maatiittis maatii lama galii walfakkaataa qaban garuu miseensota maatii baldhaa fi xiqqaa qaban nyaata gahaa dhiyeessuu, barsiifachuu, yoo dhibaman yaalchisuu, uffata gaarii uffachuu fi mana jireenyaa fooyya’aa keessa jiraachuu irratti walqixa akka hin taane fakkeenya naannoo keessan keessaa fudhachuun ibsaafi.

Walumaagalatti, saffisaan daballiin lakkoofsa ummataa daa’imman umuriin isaanii gadaanaa baay’ee hawaasa keessatti akka argaman taasisa. Daa’imman kunniin oomisha irratti hirmaachuu hin dandaa’an, garuu tajaajila adda addaa argachuu barbaadu. Haala kanaan tajaajilamtoonni baay’een nama tokko irratti hirkatanii akka jiraatan waan taasisuuf hiyyummaaf nama saaxilee daa’imman dhalatanis tajaajila isaaniif barbaachisu dhabanii akka sirnaan hin guddanne kan taasisu ta’uu isaa hubachiisa.

Erga barattoota hanga kana hubachiiftanii booda barattoonn fi mormii saffisaan baay’achuu lakkoofsa ummataa “hiyyummaaf sababa ta’a” “lakki hiyyummaaf sababa ta’uu hin danda’u” jedhu irratti akka mormii gaggeessan taasisa. Barattoonni “lakki sababa hin ta’u” jedhanii morman kallattii dandeetti oomishitummaa ijaaroo barbaachisa jedhu qabatanii akka irratti qophaa’an toora qabachiisaa. Akka fakkeenyaatti fudhatanii dhiyeessuu kan danda’an biyyoota akka Chaayinaa, Kooriyaa Kibbaa fi Jaappaan qabeenya uumamaa muraasa ta’e irratti ummata lakkoofsi isaa baay’ee ta’e qabatanii misooma dinagdee fiduu danda’uu isaanii bu’uura godhatanii mormii isaanii dhiyeessuu akka danda’an haala mijeessaafi.

Xumura irratti tooftaa saffisaan baay’achuun lakkoofsa ummataa guddina dingdee wajjin walsimatee deemuu danda’u irratti akkaataa Imaammata Dhimma Ummataa Itoophiyaa keessatti dhiyaateen ibsa gahaa kennuun guduunfaa.

## DEEBII GOCHA 4.1

Deebii gocha kanaa odeeffannoo barattoonni ollaa isaanii irraa funaananii gabatee kitaaba barataa keessa jiru guutanii fi deebii isaan gaaffilee diyaataniif odeeffannoo isaanii xiinxaluun kennan ta’a. Kanaafuu, isinis akkaataa barattoonni gocha kana itti raawwatan kallatti qabsiisuu fi raawwii isaanii hordofuun gabaasa qindeesani dhiyeessan ilaaluun murtee kennaa.

## DEEBII GILGAALA 4.1B

### Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Maatiin hundi hirkattoota ofitti baay’isuu dhiisee qabeenya ittiin guddifachuu danda’u irratti bu’uuree daa’imman muraasa hurochuun humna guutuun hojjatee qabeenya ofii yoo guddifachuu danda’eedha.
2. Biyyoota dinagdeen guddatan keessatti Imaammata Dhimma Ummataa bahu humna hojjataa dabalachuuf kan daa’imman horuu jajjabeessu yoo ta’u, biyyoota guddina

dingdeetiin duubatti hafan keessatti immoo hiyyummaa babaldhate hirdhisani guddina dingdee fiduuf Imaammata Dhimma Ummataa baay’ina daa’imman dhalatanii akka gad xiqqaatu taasisutu.

3. Karoora maatiitti fayyadamuu, daa’imman durbaa akka baratan taasisuu fi umuriin heeruma shamarranii akka olguddatu gochuudha.

## 4.2. MIRGOOTA NAMUMMAA FI NAGEENYAA (WAYITII 6)

Barsiisaa/tuu, mirgoonni namummaa maal fa’a akka ta’an barattoota gaafachuun hanga beekan akka himan taasisaa! Mirgoota namummaa sirriitti beekuun waan irra jiruuf tarreessuun ibsa irratti kennaa hubachiisuun barbaachisaadha. Mirgi namummaa kan dhalli namaa uumamaan qabaatuu fi qaama kamiinuu sarbamuun akka irra hin jirre hubachuu qabu. Kanaafuu, mirgoonni kunniin kanneen akka lubbuun jiraachuu, nageenya qaamaa fi bilisummaa qabaachuu fa’a ta’uu isaanii ibsuufiin akka isaan irratti mari’atan taasisaa. Marii isaaniis hordofuun kallattii sirrii ta’e qabaachiisaa.



## **Koorniyaa (Wayitii 3)**

### **Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Barattoonni erga mata duree kana baratani booda:

- Koorniyaa fi saala addaan ni baafatu.
- Ibsitoota walqixxummaa saalaa addaan ni baafatu.
- Walqixxummaa saalaa babal'isuu keessatti gahee dargaggoonni taphatan ni dinqisiifatu.
- Fakkeeniyota jeequmsaa fi doorsisa dubartoota naannoo keessanii irra gahu tarreessuun irratti mari'atu.
- Dubartii aangessuun hiyyummaa hir'isuuf waliin hojjachuun sirrii ta'uu isaa ni mirkaneeffatu.

### **Qophii Duraa**

Barsiisaa/tuu, kitaabolee fi barreeffamoota Koorniyaa irratti barreeffaman dubbisuun of qopheessaa. Koorniyaan yaadrimee baldhaa ta'uu isaa hubachuun gaariidha. Sababni isaas namoonni tokko tokko Koorniyaa jechuun saala jechuu akka ta'etti gadi xiqqeessanii ilaalu waan ta'eef yaada dogoggoraa kana irraa bilisa gochuuf isin gargaara.

### **Mala Baruu-Barsiisuu**

Barattoonni hiikkaa Koorniyaa hanga beekan akka himan gaafadhaa! Deebii isaaniis gabatee gurraacha irratti barreessaa. Isa booda hiikkaa Koorniyaa akka kitaaba barataa irra taa'een bal'inaan ibsaafi. Ibsa isaa irrattis akka mari'ataniif haala mijeessaafi.

Koorniyaa ilaalchisee ilaalcha hawaasa keessa jiru gadi fageenyaan akka hubatan gargaaruun inni sirrii ta'e isa kam akka ta'e marii isaanii keessatti akka hubatan taasisaa. Barattoonni ilaalcha dogoggoraa Koorniyaa irratti jiru hubatanii ilaalcha sirrii ta'e qabatani yoo guddatan walqixxummaa dhala namaa kabajuu danda'u.

### **Madaallii**

- Hiikkaa Koorniyaa daree keessatti akka ibsan gaafachuun hubannoo isaanii madaaluu.
- Gareen qoodamanii hirmaannaan dubartii hojii hawaasummaa keessatti bu'aa maalii akka qabu barreeffama qopheessanii fiduun daree keessatti akka dhiyeessan gochuun hubannoo isaanii madaaluu.

## **Rakkoo Irraa Of-eeguu (Wayitii 3)**

### **Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Barattoonni mata duree kana erga baratani booda:

- Gochaawwan miidhaa geessisan addaan ni baafatu.
- Attamiin gocha miidhaa fidan dhorkuun akka danda'amu ni himu.
- Naannoo isaaniitti gochawwan miidhaa geessisan ni barreessu.

## Gocha Miidhaa Geessisu

### Qophii Duraa

Barsiisaa/ tuu, gochawwan miidhaa geessisan maal akka ta’an naannoo keessa jiraattan irratti hundaa’uun tarreeffattanii qabachuu qabdu. Gochawwan kanneen irraa dargaggoonni haala attamiin of-eeguun akka irra jirus haaluma walfakkaatuun tarreeffattanii qabachuun isin irraa eegama, Kana malees, fakkiwwan gochi miidhaa geessisan kun yeroo raawwataman agarsiisu osoo of harkatti qabattanii barattootatti argisiisuu dandeessanii gaarii dha.

### Mala Baruu-Barsiisuu

Barsiisaa/ tuu, barattoonni gochawwan miidhaa geessisuu danda’an akka tarreessan gaafadhaa! Deebii isaaniis gabatee gurraacha irratti barreessaa. Deebii isaanii bu’uura godhachuun gochoonni kunniin hangam akka hawaasa miidhaa jiran irratti akka mari’atan taasisaa. Marii isaanii hordofuun yaada dabalataa kennaafi.

Barattoonni gocha miidhaa geessisu kana irraa attamiin of-eeguu akka danda’an akka himanis gaafadhaa. Deebiin isaanii hangam fudhatama akka qabu irratti akka mari’atan jajjabeessaa. Dhuma irrattis ibsa dabalataa kennuufiin kallattii sirrii ta’e akka qabatan taasisaa.

### Madaallii

- Gochaawwan miidhaa geessisan kanneen dargaggoonni itti hirmaatan isaan kam fa’a akka ta’an gaafachuun hubannoo isaanii madaaluu.
- Akka hojii maneetti barattoonni hundi attamiin gocha miidhaa geessisan irraa of-eeguu akka danda’an barreeffamaan qopheessanii akka fidan gochuun madaaluu.

## DEEBII GILGAALA 4.2

### Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Mirgoota namootaaf uumamaan kennaman jechuudha. Isaanis, mirga lubbuun jiraachuu, nageenya qaamaa fi bilisummaa qabaachuu dha.
2. ● Saala
  - Gahee hojii saala irratti hundaa’e.
  - Oomisha saala irratti hundaa’e.
  - Hojii hawaasummaa.
3. Hindanda’amu, sababni isaas mirgi inni tokko cabuun isa biroo irratti dhiibbaa uuma waan ta’eef.
4. Dukkana dawoo godhachuun nama saamuu
  - Jeequmsa uumuu,
  - Mana namaa cabsuun seenanii qabeenya namaa saamuu,
  - Dubartoota dirqisiisanii gudeeduu,
  - Dagachiisanii qarshii namaa hatuu fa’a.
5. Hiriyyoota amala badaa qaban irraa of-eeguu.
  - Yeroo boqqonnaa isaanii kitaaba dubbisuu, dirree ispoortii deemuun achitti bashannanuu fa’a.

### 4.3. SAGANTAAWWAN WALTA'IINSAA (WAYITII 3)

#### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni mata duree kana erga baratani booda:

- Hojiiwwanii fi qajeelfamoota Dhaabbata Mootummoota Walta'anii ni ibsu.
- Dameewwan Dhaabbata Mootummoota Walta'anii fi hojiiwwan isaanii addaan ni baafatu.

#### **Kaayyoo fi qajeelfamoota Dhaabbata Mootummoota Walta'anii fi dameewwan isaa**

##### Qophii Duraa

Barsiisaa/tuu, seenaa Dhaabbata Mootummoota Walta'anii ilalchisee kitaabolee mata duree kana irratti barreeffaman dubbisuun of-qopheessuun gaariidha. Hojiiwwan dameewwanii fi qaamman Dhaabbata Mootummoota Walta'anii addaan baasuun sirriitti hubachuun beekumsa kana barattootaaf dabarsuuf nama gargaara.

##### Mala Baruu-Barsiisuu

Barsiisaa/tuu, barattoonni Dhaabbata Mootummoota Walta'anii ilalchisee waan beekan akka himan gaafadhaa. Teessoon dhaabbatichaas eessatti akka argamu akka himan taasisaa. Isa booda Dhaabbanni kun maaliif akka dhaabbate, yoom akka dhaabbatee fi jalqaba irratti biyyoonni meeqa miseensa ta'uun akka dhaaban ibsaafii. Kana malees Dhaabbanni Mootummoota Walta'anii erga dhaabbatee maal fa'a akka raawwate ibsaafi.

Dameewwan Dhaabbata Mootummoota Walta'anii tarreessuun hojiiwwan isaanii sirriitti akka hubatan taasisaa. Qaamman Dhaabbatichaas haaluma walfakkaatuun akkuma kitaaba barataa keessa jirutti tarreessuun hojiiwwan isaanii sirriitti qabsiisaa. Isa kitaaba barataa irratti barreeffame qofatti quufuu osoo hin taane barreeffamootaa fi kitaabolee adda addaa irraa kanneen dubbistanis dabalataan fayyadamuun hubannoo isaanii cimsaa.

##### Madaallii

- Kaayyoon Dhaabbata Mootummoota Walta'anii maal akka ta'e gaafachuun hubannoo isaanii madaalaa.
- Barattoota garee lamatti hiruun, gareen inni tokko hojiiwwan dameewwan Dhaabbatichaa, gareen lammaffaan immoo hojiiwwan qaamman Dhaabbatichaa barreeffamaan qopheessuun fidanii dareetti akka gabaasan gochuun hubannoo isaanii madaalaa.

#### **Giloobaalaayizeeshinii (Wayitii 2)**

#### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni Erga mata duree kana baratani booda:

- Yaadrimee giloobaalaayizeeshinii hubachuun ni ibsu.
- Carraa fi gufuu daldalaa, aadaa fi odeeffannoo ilalchisee muldhatu addaan ni baafatu.

##### Qophii Duraa

Barsiisaa/tuu, yaadrimeen giloobaalaayizeeshinii kitaaba barataa keessa taa'e gahaa ta'uu dhiisuu danda'a. Kanaafuu, kitaabolee dabalataan dubbisuun of-qopheessuun gaarii dha.

### Mala Baruu-Barsiisuu

Barattoonni giloobaalaayizeeshinii ilaalchisee waan beekan akka ibsan gaafadhaa! Deebii isaanis gabatee gurraacha irratti barreessaa. Isa booda akka isaan hubachuu danda'anitti salphisuun ibsaafi. Haala amma addunyaan keessa jirtu kaasuun dhiibbaa giloobaalaayizeeshinii biyya keenya irraan geessisaa jiru ibsaafi. Biyyi keenyas adeemsa isheen ittiin giloobaalaayizeeshinii addunyaa kana keessatti hirmaachaa jirtu karaa daldalaa fi teekinoolojii ammayyaatiin waliin qabsiisuun ibsuufii yaalaa.

Dorgommii yeroo ammaa addunyaa keessatti muldhatuun biyyoonni milkaa'oo ta'an isaan kam fa'aa akka ta'an maqaa dhahuun hubachiisaa. Fakkeenyaaf, biyyoota kanneen akka Chaayinaa, Kooriyaa Kibbaa, Taayiwaanii fi Hindii fa'a karaa biroo immoo sochii biyyi keenya dorgommii kana keessatti gochaa jirtu milkaa'ina isheen guddina dinagdeetiin agarsiisaa jirtuun wal-qabsiisuun hubachiisaa.

### Madaallii

- Giloobaalaayizeeshiniin maal akka ta'e akka ibsan daree keessatti gaafachuun hubannoo isaanii madaalaa.
- Barattoota garee lamatti hiruun Giloobaalaayizeeshiniin 'Carraadha' moo 'Gufuudha'mata duree jedhuun barreeffamaan qopheessanii dareef akka dhiyeessan gochuun hubannoo isaanii madaalaa. Gareen inni tokko 'Carraadha' jedhee yammuu dhiyeessu garee inni lammaffaan immoo 'Gufuudha'jedhee haa dhiyeessu.

### DEEBII GILGAALA 4.3

#### Deebii Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Gabaan daangaa biyya tokkoo keessatti murtaa'uun isaa hafee addunyaa hunda akka gahu taasisuu jechuu dha.

2. Biyyoota Baha Eeshiyaatti argamanidha. Isaanis, Chaayinaa, Kooriyaa Kibbaa, Taayiwaan fa'a.

### DEEBII GAFFIILEE XUMURA BOQONNAA 4

#### Kutaa I: Deebii Gaaffiilee Dhugaa yookiin Soba

1. Soba                      2. Soba                      3. Dhugaa                      4. Dhugaa                      5. Soba

#### Kutaa II: Deebii Gaaffiilee Filanoo

1. D                      2. A                      3. C                      4. B                      5. D

## BU'AAWWAN BARNOOTA HAWAASAA KUTAA 8

### 1. Hubannoo fi Beekumsa Argachuuf

- Argama, haallawwan teessuma lafaa, Harawwanii fi laggeen addunyaa,
- Afaanota gurguddoo addunyaa,
- Kutaawwan addunyaa heddumminaa fi haphinaan ummanni irra qubatee fi sababoota garaagarummaa isaanii,
- Dhiibbaa warraaqisa industirii fi misoomaa,
- Seenaa qabsoo ummanni Afrikaa sirna kolonii irratti adeemsise,
- Humnoota irra lafaa jijjiiranii fi bu'aa isaanii,
- Sababootaa fi bu'aawwan qabeenya uumamaatti garmalee fayyadamuu,
- Wantoota gurguddoo qilleensaa fi bishaan faalanii fi haala ittisa isaanii,
- Sababootaa fi dhiibbaawwan ho'iinsa addunyaa,
- Ibsitootaa gochoota miidhaa fidanii fi tooftaawwan ittiin ittisuun danda'amu,
- Kaayyoowwan gurguddoo fi qajeelfamoota Dhaabbata Mootummoota Walta'anii fi yaad-rimee Gilobaalaayizeeshinii,
- Tarsiimoowwan saffisaan baay'achuu lakkoofsa ummataa hir'suuf wixiname,
- Dhiibbaa ho'iinsi addunyaa ummata, biqiltootaa fi bineensota irratti fide,
- Iskeelii tokko gara iskeelii birootti jijjiiruu,
- Fageenya lafa irraa fi baldhina fakkiwwan roga beekamoo qabanii kaartaa irraa shallaguu,
- Qaamota gurguddoo Dhaabbata Mootummaa Walta'anii himuu,
- Akkaataa itti gabaasa dheyeessanii fi akkaataa itti jeequmsaa fi doorsisa naannoo isaaniitti isaan qunnamu of irraa ittisan beekuu ni danda'u.

### 2. Dandeettii fi Ogummaa horachuuf

- Kaartaa irratti fageenyaa fi baldhina safaruu,
- Kaartaawwan ardiiwwan torbaa dabtara isaanii irratti garagalchuu ,

### 3. Amalaa fi Ilaalcha gaarii horachuuf

- Qaroomman durii tokko tokko ni dinqisiifatu,
- HIV/Eedsii maqisuu, walqixxummaa saalaa fi imaammata ummataa baballisuu,
- Bu'aa qaroomman durii addunyaa ammaaf buusan dinqisiifachuu,
- Faccisa ummanni Afrikaa sirna kolonii irratti adeemsisee fi faccisa kanaan biyyoonni Afrikaa tokko tokko milkaa'uu isaanii dinqisiifachuu,
- Warraaqisa Industirii irraa yaadawwan haaraan madduu isaanii,
- Hojiiwwan namoota warra HIV/Eedsiin qabamanii fi maatii isaanii gargaaran fakkeenya fudhachuu,
- Dubartoota aangeessuu fi hiyyummaa hiri'suun barbaachisaa ta'uu isaa,
- Sochii kunuunsa naannoo keessatti hirmaachuu ni danda'u.

## SIILABASII BARNOOTA HAWAASAA KUTAA 8

### BOQONNAA 1 ADDUNYAA IRRA JIRAANNU (WAYITII 25)

**Bu'aawwan Boqonnichaa:** Barattoonni erga boqonnaa kana baratani booda:

- Argamaa fi danaawwan ardiwwanii fi afaanota gurguddoo addunyaa ni himu.
- Qaroomman addunyaa durii ni dinqisiifatu.
- Nannoowwan hedduuminaa fi haphinaan ummanni irra qubatee fi sababii qubannaan kun garaagar ta'e addaan ni baafatu.
- Dhiibbaa warraaqisi Industirii fide ni himu.
- Seenaa qabsoo ummanni Afrikaa sirna kolonii irratti adeemise ni qalbeeffatu.
- Yaadawwan haaraa argamanii fi maal akka isaan ta'an ni himu.

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
Barattoonni adeemsa fi xumura barnoota mata duree kanaatti: <ul style="list-style-type: none"> <li>● Kaartaa ardiwwan torbaa ni garagalafatu.</li> <li>● Argama birqabaa ardiwwanii ni himu.</li> <li>● Baldhina ardiwwan addunyaa waliin ni madaalu.</li> <li>● Fiixee lafa gaarreen ol ka'aa fi bakka gad dhooqaa addunyaa addaan ni baafatu</li> <li>● Haraawwanii fi laggeen gurguddoo addunyaa addaan ni baafatu.</li> </ul>	<p>1.1. Ardiilee (Argama biqabaa fi guddina ardichaa) (Wayitii 3)</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>● Danaawwan gurguddoo Ardiwwanii</li> <li>● Haallan teessuma lafaa gurguddoo:</li> <li>● Gaarreen gurguddoo Ardiilee (Gaara Everest, Gaara Blaank, Bakkeewwan dhooqaa Fakkeenya, (Deeddi Sii).</li> <li>● Laggeenii fi Harawwan gurguddoo.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Kaartaa addunyaa gabatee gurraacha irratti kaasuun argama ardiwwanii isaan bara darbe baratan yaadachiisaa. Barattoonni garagalchatu. Kanabooda Kaartaa addunyaa maxxanfame itti agarsiisuun guddina ardiwwanii kaarticha irratti waliin akka madaalan gaafadhaa.</li> <li>● Itti aansuun fiixeewwan gaarreen dhedheeroo ta'an akka himan gaafachuun kaartaa isaanii irratti dabaluufii. Haalluu gaarreen kun dibaman irratti mari'achiisuu.</li> <li>● Itti aansuunis barattoonni laggeenii fi harawwan yookiin galaanota keessa ardiwwaniitti argaman addaan akka baasan gaafachuun kaartaa isaanitti akka dabalatan taasisaa.</li> <li>● Maatii gaara Everestitti dhiiyoo jiraatu fudhachuun irratti mari'achiisuu.</li> <li>● Tuurizimiin naannoo" Deeddi Sii" maal aka fakkaatu irratti mari'achisa.</li> <li>● Garaagarummaa lamaan isaanii gidduu jiru waliin madaaluun irratti mari'achiisaa.</li> </ul>

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Goohaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> <li>● Afaanota gurguddoo addunyaa keessatti dubbataman addaan ni baafatu.</li> <li>● Kartaa fayyadamuun bakkeewwan afaanonna gurguddoon addunyaa itti dubbataman ni agarsiisu.</li> <li>● Bu'aawwan qaroomman addunya durii ni himu</li> <li>● Gumaacha qaroomman durii addunyaa ammaatiif taasisan ni dinqisiifatu.</li> </ul>	<p>1.2. Ummata Addunyaa (Wayitii 6)</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>● Afaanota gurguddoo addunyaa</li> <li>● Qaroomman durii adduyaa, fakkeenyaaf, Griikii, Roomaa Chaayinaa Peershiyaa fi Inkaa</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Afaanota gurguddoo addunya kanneen akka, Mandarin, Ispaanishii, Ingiliffa, Arabiffaa fi kkf irratti ni mari'atu. Barattoonni biyyoota afaanonna kunniin akka afaan jalqabaatti keessatti haasa'aman kaartaa irratti akka agarsiisan gaafachuu. Isa booda Ingiliffi maaliif akka baballate kaasuun irratti mari'achiisuu.</li> <li>● Argannoowwan qaroommaa kanneenii isaan gurguddoo ta'an akka tarreessan gaafachuu.</li> <li>● Mucaa Kukkuuyyuu afaanota Kukkuuyyuu, Ingiliffaa fi Kisuwaahilii haasa'u akka fakkeenyaatti fudhachuun Afrikaa keessatti naannoo afaan Kisuwaahilii itti haasa'an akka addaan baafatan gargaaraanii. Qaroomman durii lama barattootaaf gababsanii ibsuu. Roomaa durii fi Chaayina: Biyyoota lamaan kanneen kaartaa irratti agarsiisuu. Waa'ee qaroomman biroos kanneen akka Inkaa, Peershiyaa fi Giriikii ibsuufiin baldhinnaan ofii isaaniin akka dubbisan jajjabeessuu,</li> <li>● Daldala Bahaa Afrikaa fi Chaayinaa gidduutti adeemsifama ture himuun supheen Chaayinaatti hojjatame qarqara galaanaa Keeniyaaatti argamuu isaa ibsuufii</li> </ul>
<ul style="list-style-type: none"> <li>● Naannoowwan addunyaa ummanni heddumminaa fi haphinaan keessa jiraatu addaan ni baafatu.</li> </ul>	<p>1.3. Faca'iinsa ummataa fi haala jireenyaa (Wayitii 8)</p> <p>1.3.1 Naannoowwan haphinaan irra qubataman (Wayitii 3)</p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Barattootatti faca'iinsa ummataa kaartaa addunyaa irratti agarsiisaa.</li> <li>● Maaliif naannoowwan tokko tokko hedduminaan kanneen biroon immoo haphinaan akka irra jiraatamu barattoonni yaada kaasuun irratti haa mari'atan.</li> </ul>

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
	<ul style="list-style-type: none"> <li>Fakkeenyaaf, Gammoojii ho'aa fi diilallaa'aa naannoowwan ummanni baay'inaan keessa jiraatan kanneen akka Hindii, Chaayinaa fi Afrikaa waliin madaaluu.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Barattoota haallan naannoo inni kam ummata irratti dhiibbaa akka fidu akka deebisan gaafachuu. Deebii isaanii gabatee gurraacha irratti tarreessaa.</li> </ul>
	<p>1.3.2. Sababoota garaagarumma faca,iinsa ummataa (Wayitii 3)</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>Haallan naannoo fakkeenyaaf, qilleensa baramaa, leecalloo fi teessuma lafaa.</li> <li>Haallan hawaasummaa (haallan siyaasaa fi dinagdee, qunnamtii)</li> </ul> <p>1.3.3. Haala Jireenya ummata Addunyaa (Wayitii 1)</p> <p>1.3.4. Amantiiwwan gurguddoo addunyaa (Wayitii 1) (Budihiiizimii, Hinduyizimii, Shiintoo'iizimii, Kiristaana Isilaamaa fi Judaayizimii)</p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Itti aansuun maatii Inniyuutii naannoo Arkitikii jiraatan akka fakkeenyaatti fudhachuun akkasumas, faca'iinsi ummataa gammoojjii fi naannoo diilallaa'aa keessatti maal akka fakkaatu irratti mari'achiisaa.</li> <li>Itti aansuun haallan naannoo, hawaasummaa fi dinagdee faca'iinsa ummata addunyaa murteessan irratti mari'achiisuun tarreessuu.</li> <li>Qo'annaa sumudaa: Maatii naannoo Mumbaay, Hindii fi Kaartaa faca'iinsa ummataa agarsiisu fudhachuun irratti mari'achiisaa.</li> <li>Dhuma irratti dhimmoota armaan oliitti fudhataman lamaan waliin madaaluun yaada xumuraa kennaafii.</li> </ul>



Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Goohaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> <li>● Sabboonummaa fi sirni kolonii dhiib-baa warraaqisa industiriin kan dhu-fan ta'uu isaanii ni ibsu.</li> <li>● Warraaqise industirii eessatti akka jalqabame addaan ni baafatu.</li> <li>● Sochii Afrikaanoni sirna kolonii ofir-raa ittisuuf taasisan hubatanii ni ibsu.</li> </ul>	<p>1.4. Warraaqisa Industirii fi Jijjiiram inni fide (Wayitii 8)</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>● Jalqabbii warraaqisa Industirii</li> <li>● Dhiibbaa warraaqisa Industirii (Sabboonummaa, sirna kolonii, baballina magaalotaa)</li> <li>● Burquu yaaddwwan haaraa</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Warraaqisi industirii attamiin akka jalqabe ibsuufii motorii hurkaa fi spiiining jeeniin hojjatamuun isaa maaliif akka fayyade barattoonni akka deebisan gaafachuu.</li> <li>● Waa'ee baballina liibaraliizimii fi dimokiraasii ibsuufii,</li> <li>● Barattoonni biyyoonni tokko tokko maaliif biyyoota biroo koloneeffachuuf akka barbaadaa amma beekan akka deebisan gaafachuu.</li> <li>● Biyyoonni warraaqisa industiriin milkaa'an ofitti amana-mummaan waan keessatti uumameef sabboonummaan kan itti dhaga'ame ta'uu isaa ibsuufii.</li> </ul>
<ul style="list-style-type: none"> <li>● Qabsoowwan sirna kolonii</li> <li>● ofirraa ittisuun keessatti milkaa'an fakkeenya ni kennu.</li> <li>● Bu'aawwan waraanota addunyaa lamaanii ni ibsu.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Fakkeenyaaf, (Liibaraluzimii) -Baay'inummaa (Pluralism)</li> <li>● Dimokiraasii</li> <li>● Waraana Addunyaa Tokkoffaa fi Lammaffa</li> <li>● Qabsoo ummanni Afrikaa baballina sirna kolonii irratti adeemsiise</li> <li>● Ashaantee</li> <li>● Saamorii Tuuree</li> <li>● Maaji-Maaji</li> <li>● Kukkuuyyuu</li> <li>● Itoophiyaa (Aduwaa)</li> <li>● Qabsoo ummanni Afrikaa bittaa Sirna kolonii irratti adeemsiise</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Barattoonni kaartaa Afrikaa irratti biyyoonni kamtu biyyoota kamiin akka koloneeffataman agarsisuun irratti haa mari'atan.</li> <li>● Barattoonni qabsoo Afrikaanonni sirna kolonii ofirraa faccisuuf taasisan irratti haa mari'atan. Fakkeenyaaf, Ashaantii, Faccisa Saamoorii Tuuree, sochii Maaji Maaji, Kukkuuyyuu Keeniyaa fi milkaa'ina waraana Aduwaa Itoophiyaa.</li> <li>● Sababoota waraanota Addunyaa Tokkoffaa fi Lammaffaa irratti mariachisaa</li> <li>● Barattoota sababoota waraana kaasuu danda'an akka himan gaafachuun sababa isaan himaniin kan fakkaatu ka'uu danda'uu isaa akka himan gaafachuu,</li> <li>● Barattoonni waraanota Addunyaa lamaanii bu'aawwan gaarii argaman jedhanii yaadan akka himan gaafachuu.</li> </ul>

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Nii'oo daaster</li> <li>● Waafd</li> <li>● Kongarasi Biyyaalessaa (ANC)</li> </ul>	

### Madaallii

Barsiisaan hojii barataan tokko guutuu boqonnaa keessatti hojjate duukaa bu'ee madaaluun kaayyoo gooree irratti hundaa'uun yaadaawan armaan gadiin waliin madaaluun sadarkaa ga'umsaa isa xiqqaa barbaadamu murteessuu ni danda'a.

#### Barattoonni sadarkaa gahusa isa xiqqaa isaan irraa eegamu (barbaadamu) irratti hojjatan:

- Kaartaa ardiiwwan torbanii garagalchuu.
- Argama birqabaa ardiiwwannii himuu.
- Baldhina ardiiwwan addunyaa waliin madaaluu.
- Fiixee gaarreen ol dheeroo fi lafa gad dhooqaa addunyaa ta'an addaan baafachuu.
- Harawwanii fi laggeen gurguddoo addunyaa addaan baafachuu.
- Afaanota gurguddoo addunyaa keessatti dubbataman addaan baasuu.
- Kaartaa fayyadamuun bakka afaanonni gurguddoon addunyaa itti dubbataman agarsiisuu.
- Argannoowwan gurguddoo qaroomman durii himuu.
- Bu'aawwan qaroomman durii addunyaa ammayyaaf buusan dingisiifachuu.
- Naannoowwan addunyaa ummanni hedduminaanii fi haphinaan irra jiraatu addaan baasuu.
- Sababoota haalli qubannaa ummataa addunyaa keessatti garaagar ta'e irratti yaada dimshaashaa qabaachuu.
- Sabboonummaa fi sirni kolonii dhiibbaa warraaqisa industriin kan dhufe ta'uu isaa mirkaneeffachuu.
- Bakka warraaqisi industrii itti jalqabame addaan ni baafachuu.
- Qabsoo Afrikaanonni sirna kolonii ofirraa faccisuuftaan taasisan dingisiifachuu.
- Biyyoota Afrikaa sirna kolonii ofirraa faccisuuftaan milkaa'an fakkeenya kennuu.
- Bu'aa waraanota addunyaa lamaanii mirkaneeffachuu.
- Burqiinsa yaadaawwan haaraa warraaqisa industirii waliin walitti dhufeenya qabaachuu isaa himuu ni danda'u.

**Barattoonni sadarkaa ga'umsa isa xiqqaaisaan irraa eegamu**/barbaadamu/olitti hojjatan jajjabeeffamuu fi hojiin isaaniiss beekamtii argachuu qaba. Hojii isaanii ciminaan itti fufuu qaba malee waan hojjatanitti quufuun of daggachuun irra hin jiru.

**Barattoonni sadarkaa ga'umsa isa xiqqaa isaan irraa barbaadamuu** gaditti hojjatan akka kanneen biroo waliin deemuu danda'anitti gargaarsa biroo argachuu qabu. Daree keessatti yeroo boqonnaa fi dhuma guyyaatti xiyyeeffannaa addaan kennuufiin gargaaruun barbaachisaa ta'a.

## BOQONNAA 2 HUMNOOTA FUULA LAFAA JIJJIIRAN (WAYITII 15)

**Bu'aawwan Boqonnichaa:** Barattoonni barnoota boqonnaa kanaa erga xumuranii booda:

- Humnoota fuula lafaa jijjiiranii fi ta'eewwan isaan uuman ni ibsu
- Kaartaa irraa fageenyaa fi baldhina shallaguu ni danda'u.

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<p>Barattoonni adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti:</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>● Humnoota alaa fuula lafaa jijjiiran ni tarreessu.</li> <li>● Fuula lafaa irratti dhiibbaa haramaa fi kuufamni uuman ni ibsu.</li> </ul>	<p>2.1. Humnoota fuula lafaa fi dhiibbaa isaan jireenya dhala namaa irraan gahan (Wayitii 4)</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>● Harama</li> <li>● Kuufama</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Barattoonni harama biyyee (wantootaa) yeroo dhiyoo keessa yoo arganii jiraatan akka himan gaafachuun sababbanii fi biyyeen haramee garam akka deeme tarreessaa. Biyyeen haramee deeme bakka birootti kuufama biyyee uumuu isaa ibsaafii.</li> <li>● Qo'annoo sumudaa waa'ee harama biyyee sababa lolaa bishaanitiin lafa tabbaa bosonni irraa cirame irratti adeemsifame fakkeenya fudhachuun ibsaafii</li> <li>● Itti aansuunis qo'annoo sumudaa waa'ee kuufama biyyee (maansaa) sababa bishaan lagaatiin uumamanii fi biyyeen kuufame akkamitti hojii qotiisaatiif akka ooluu danda'u irratti mari'achiisaa.</li> <li>● Xumura irratti dhiibbaa haramaa fi kuufamni biyyee jireenya namaa irraan gahu barattoota gaafachuun irratti mari'achiisaa.</li> </ul>
<ul style="list-style-type: none"> <li>● Humnoota keessa lafaa kanniin fuula lafaa jijjiiran ni tarreessu.</li> <li>● Dhiibbaa humnoota keessa lafaatiin jijjiirama fuula lafaa fi jireenya namaa irratti uumaman ni tarreessu.</li> </ul>	<p>2.2 Humnoota keessa lafaa fi dhiibbaa isaan jireenya namaa irraan gahan (Wayitii 5)</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>● Volkaanoo</li> <li>● Rom'a lafaa</li> <li>● Baqaqa lafaa</li> <li>● Dadacha'insa lafaa</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Kaartaa Afrikaa irratti naannoolee gaarreen sababa dhoo hinsa volkaanootiin uumamanii qo'annoo sumudaa footoogiraaffiwwan fudhachuun ibsaafii. Barattoonni wixinee fakkii dhoo hinsa volkaanoo agarsiisuu kan handhuura lafaa, maagmaa fi dhangala'iinsa laavaa irraa gara keessatti agarsiisu akka kaasan gargaaraa.</li> <li>● Itti aansuun Naannoo Baha Afrikaatti sochiin volkaanoo oo'aa ta'uu fi hanga ammaatti sochiin jiraachuu ibsuun waa'ee Sulula Guddaa Qiinxamaa fi rom'a lafaa kan akka dadacha'iinsaa dirra lafaa yookiin addaan fadiinsa lafaa, footogiraafii baqaqiinsa lafaa kan rom'a lafaatiin uumaman ibsaafii.</li> </ul>

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> <li>● Mallummaa iskeelii ni himu.</li> <li>● Maloota adda addaa iskeelii ittiin ibsamu ni tarreessu.</li> <li>● Gosa iskeeliin tokko gara isa birootti jijjiiruu ni danda’u.</li> <li>● Fageenyaa fi baldhina wantoota danaalee murtaa’oo qabanii kaartaa irraa shallaguu ni danda’u.</li> </ul>	<p>2.3. Kaartaa irraa fageenyaa fi baldhina safaruu (Wayitii 6) Hiikka Iskeelii</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>● Maloota kennaan iskeelii ittiin ibsamu</li> <li>● Wal jijjiirraa Iskeelii</li> <li>● Kaartaa irraa baldhina lafaa shallaguu (barbaaduu)</li> <li>● Baldhina wantoota danaalee beekamoo qabanii</li> <li>● Iskeelota wal bira qabuun bikkuu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Fakkii baqaqiinsa lafaa sababa rom’a lafaatiin uuamame agarsiisu, footogiraafii haala Baha Afrikaa muldhisu akka fakkeenyaatti fudhachuun hubachiisuuf yaalaa.</li> <li>● Footogiraafii dadacha’iinsa lafaa agarsiisu barattootatti agarsiisaa, akkaataa dadach’iinsa lafaa kan arganii beekan yoo ta’e akka ibsan gaafadha.</li> <li>● Qo’annoo sumudaa Vesuvius fi Pompe irratti adeemsifame fudhadhaa.</li> <li>● Dhiibbaan akkamii namoota naannoo volkaanoo jiraatan irra akka gahu fakkeenyaaf (Montserrat Kaaribiyaanii keessatti bakka walakkaa eddichaa hanga bara 1996tti dhabamettii) fi naannoo Irtallee akka fakkeenya fudhachuu hubachiisaa.</li> </ul>
<ul style="list-style-type: none"> <li>● Gosa iskeeliin tokko gara isa birootti jijjiiruu ni danda’u.</li> <li>● Fageenyaa fi baldhina wantoota danaalee murtaa’oo qabanii kaartaa irraa shallaguu ni danda’u.</li> </ul>	<p>2.3. Kaartaa irraa fageenyaa fi baldhina safaruu (Wayitii 6) Hiikka Iskeelii</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>● Maloota kennaan iskeelii ittiin ibsamu</li> <li>● Wal jijjiirraa Iskeelii</li> <li>● Kaartaa irraa baldhina lafaa shallaguu (barbaaduu)</li> <li>● Baldhina wantoota danaalee beekamoo qabanii</li> <li>● Iskeelota wal bira qabuun bikkuu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Barattoota waa’ee furtuu kaartaa kan kutaa 7<sup>ffaa</sup> keessatti baratan yaadachiisuun waa’ee iskeelii kaartaa akka himan gaafadha.</li> <li>● Itti dabaluunis barattoonni haallan armaan gadii akka sadarkaa sadakraan hojjatan gaafadhaa.</li> <li>● Dheerina daree isaanii akka safaranii fi galmeessan,</li> <li>● Dalaga daree isaanii akka safaranii fi galmeessan,</li> <li>● Dalgaa balbalaa akka safaran gaafadha.</li> <li>● Dheerinaa fi dalgee teessoo/deeskii/isaanii akka safaran taasisaa,</li> <li>● Iskeelii akkamii akka fayyadamuu danda’an barattootaaf ibsaafi. Kana booda barattoonni wixinee kaartaa kan qajeelatti haala teessoo isaanii agarsiisu akka hojjatan gargaaraa. Barattoonni iskeelii salphaatti akka fayyadamuu danda’an gargaaraa.</li> <li>● Maloota sadan (Iskeelii Himaa, Iskeelii Firaakshiinaa fi Iskeelii Sararaa) bakka bu’oota iskeelii barattoonni akka gosaan addaan baafatan ibsaafii. Ibsa keessan fakkeenyaan wal qabsiisaa.</li> </ul>

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
		<ul style="list-style-type: none"> <li>● Barattootatti haala qoodama kaartaa 1:50,000 itti agarsiisuun waan kutaa 7<sup>ffaa</sup> keessatti baratan yaadachiisaa.</li> <li>● Akka hojii dareetti fageenya bakka lama jidduu jiran shallagsiisaa. Fakkeenya biroos kennuufiin barattoota hubachiisaa.</li> <li>● Dhuma irratti kaartaa 1:10,000 ta'e kan bakka walfakkaata qabu kennuufiin akka barattoonni wal bira qaban ilaalan taasisa.</li> <li>● <b>Hubachiisaa:</b> Barattoonni magaalaa keessa kan jiraatan yoo ta'anii fi carraa Interneetii yoo qabaatan Google Earth kan jedhu haa ilaalanii yaadachiisaa.</li> </ul>

### Madaallii

Barsiisaan hojiiwwan barattoota hundaa haala wal irraa hin cinneen akka guutuu boqonnaa keessatti ibsamaniin haala armaan gadiitti ibsamaniin kaayyoowwan gooree irratti hundaa'uun barattoonni ga'umsa xiqqaa isaan irraa barbaadamu argachuu danda'uu mirkaneeffachuu qaba.

**Barattoonni sadarkaa gahumsa isa xiqqaa isaan irraa barbaadamu** (eegamu) argachuuf hojjatan kanniin armaan gadii raawwachu danda'uu qabu.

- Humnoota irra lafaa kanniin fuula lafaa jijjiiran addaan baasuun ibsuu,
- Dhiibbaa haramaa fi kuufamni biyyee (wantootaa) fuula lafaa fi jireenya namaa irratti fidan ibsuu,
- Humnoota keessa lafaa kanniin irra lafaa jijjiiran tarreessuu,
- Dhiibbaawwan sababban humnoota lafa keessatiin fuula lafaa fi jireenya namaa irratti uumaman ibsuu,
- Maallummaa/hiikkaa/iskeelii ibsuu,
- Malloota adda addaa kan iskeeliin kaartaa ittiin ibsamu tarreessuu,
- Gosa iskeelii tokkoo irra gara gosa iskeelii isa biroofti jijjiiruu danda'uu,
- Aartaa irraa fageenyaa fi baldhina danaalee beekamoo (ji'oometirii) shallaguu danda'uu fa'a.

Barattoonni sadarkaa gahumsa isaxiqqaa isaan irraa barbaadamu/eegamuu/olitti hojjatan dinqisiifamuu qabu. Hojiin isaaniis beekameefii galmeeftamuufii qaba. Akka bu'aa argataniin of tuulani duubatti hin deebineefis jajjabeeffamuu qabu.

Barattoonni sadarkaa gahumsa isa xiqqaa isaan irraa barbaadamu/eegamuu/gaditti hojjatan sadarkaa barattoota jiddu-galeessatti argamaniin akka wal qixxaa'an gargaarsa addaa isaan barbaachisa. Yeroo boqonnaa fi dhuma guyyaa irratti xiyyeeffannaan addaa kennameefii gargaarsa addaa kennuufiin barbaachisaadha.

## BOQONNAA 3

## MIIDHAA DHALLI NAMAA SIRNAKOO IRRAAN GAHU (WAYITII 8)

**Bu'aawwan Boqonnichaa:** Barattoonni barnoota boqonnaa kanaa erga xumuranii booda:

- Sababbanii fi miidhaawwan barbadaa'iinsa qabeenya uumamaa fidan ni ibsu.
- Faaltota gurguddoo fi maloota ittisa isaanii addaan ni baafatu.
- Sababbanii fi dhiibbaawwan oo'a lafaa (addunyaa) ni mirkaneeffatu.

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> <li>● Barattoonni adeemsaa fi xumura barnoota mata dure kanaatti:</li> <li>● Miidhaa barbadaa'insi qabeenya uumamaa Sirna Ikoo irraan gahu ni ibsu.</li> </ul>	<p>3.1. Hariiroo sochii dhala namaa fi qabeeny uumamaa (biqiltoota uumamaa, bishaan, qilleensaa fi biyyee) (Wayitii 4)</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>● Dhiibba barbadaa'iinsi qabeenya uumamaa Sirna Ikoo irraan gahu.</li> <li>● Faalama bishaanii fi qilleensaa fi maloota ittisa isaanii</li> <li>● Sochii kunuunsa qabeenya uumamaa naannoo isaaniitti adeemsifamu irratti ni hirmaatu.</li> <li>● Maqaa faaltota gurguddoo bishaanii fi qilleensaa ni tarreessu.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Barattoonni miidhaa cirama bosonaa fi sochii qotiisa haala duubatti hafaan naannoo isaanii keessatti adeemsifamu irraatti akka mari'atan gaafadhaa. Akkasumas, waa'ee harama biyyee, jijjiirama qilleensaa, badiitii sanyiiwwan adda addaa fi caamaa (hoongee) irratti akka mari'atan haala mijeesuuufiin qajeelchaa.</li> <li>● Qo'annoowwan sumudaa naannoowwan lamaa fudhadhaa. Fakkeenyaaf, sababa qotiisa oomishaa gosa tokkoo fi biyyee gabbina hin qabne irratti keemikaala baay'etti fayyadamuun barbaadaa'iinsa bosona roobaa naannoo Amaazonii irra gahee fi horii baay'ee lafa xiqqaa irratti dheechisuun, harama biyyee fi babaldhina gammoojjummaa naannoo Baha Afrikaa irra gahe.</li> <li>● Waa'ee faalama qilleensaa irratti barattoota wajjin mari'adha. Fakkeenyaaf magaalaa Finfinnee fudhadhaa. Kunis akka konkolaattoonni aara gubate itti baay'inaan baasan, boba'aawwan akka kattaa (koolii) zayita boba'aa, industiriiwwan meeshaalee oomishan itti fayyadamanii fi qophii nyaataatiif namoonni itti fayyadaman, rakkoolee ijaarsa manniin dhagaatiin wal qabataniis ibsaafii., Qo'annoo sumudaa faaltota warshaa keemikaalaa biyya Hindiitti adeemsifame fudhachuun ibsaafii.</li> <li>● Itti aansuun waa'ee faaltota bishaanii kan akka balfaa dhangala'oo fi keemikaalota qonnaa akka faaltotaatti ibsaafii. Keemikaalota baay'inaan itti fayyadamuun biqiltootaaf bu'aa guddaa kan hin kennineef ta'uu fi namaa fi bineeldotaatti summii ta'uu kan danda'u ta'uu qofa osoo hin taane madda bishaaniitti makamuun hanga battalaa (hundee) bishaaniitti deemuu danda'uu isaaniis ibsaafii.</li> </ul>

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Goohaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> <li>● Sababban dabaliinsa oo'a lafaa ni ibsu.</li> <li>● Dhiibbaawwan sababaa oo'a lafaatiin nama, biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irra gahan ni madaalu.</li> </ul>	<p>3.2. Sababbanii fi dhiibbaawwan oo'iinsa lafaa (Wayitii 4)</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>● Sababban CFCS CO<sub>2</sub>,</li> <li>● Dhiibbaa</li> <li>● Uramuu baqqaan</li> <li>● Oozoonii</li> <li>● Baqiinsa cabbii (baradaa)</li> <li>● Rooba summaa'aa</li> <li>● Lolaa bishaanii</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Qajeelfama qalqala xaa'oo nam-tolchee irratti barreeffame akka qo'annoo sumudaa/iddattootti/fudhachuun itti fayyadamaa. Barattoonni yoo seccoo keemikaalaa nafa isaanii irratti argan keemikaala gogaa nafa isaanii irraa dhiquu fi akkasumas kuduraa fi muduraalee irraa dhiquun barbaachisaa ta'uu isaa hubachiisaa.</li> <li>● Marii daree keessaatti mata duree "konkolaataan fe'iinsa faalaa cimaadha" jedhuu fi akkasumas meeshaaleen baay'ee fee'uu isaatiin karaa Jibuutii gara biyya keenyaa dhufan yeroo sanatti balaa baay'ee ga'uus ni danda'a</li> <li>● Barattoonni yaada daandii baaburaa ammayyeessuun gaarii ta'uu isaa hubachuu danda'uu, baaburri tokko al tokkotti meeshaalee konkolaatonni dhibbi tokko baatu baachuu danda'a. Yaada kana irratti barattoonni wal haa mormanii</li> </ul>
		<ul style="list-style-type: none"> <li>● Barattoonni sababoota gurguddoo dabaliinsa oo'a lafaa kan akka CFCS CO<sub>2</sub> fi dhiibbaa oo'iinsa lafaa kan akka urama baqqaana oozoonii, dabaliinsa yookiin ol ka'iina sarara sirrii irra galaanaa olitti (dabaliinsa bishaan garbawwanii), rooba summaa'aa akka addaan baafatan gargaaraa.</li> <li>● Barattoonni gareen hojjachuu fi mormii waa'ee sababbanii fi dhiibbaa oo'iinsa lafaatiin nama, biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irraan gahu irratti akka adeemsisan haala mijeessaafii.</li> <li>● Qo'annoosumudaa kan baqiinsa gaarrecabbii, dabaliinsa bishaan garbawwanii fi badiitii sanyii bineensa Polar Bear jedhamuu kan naannoo bantiwwanitti argamuu irratti adeemsifame irratti mari'achiisaa.</li> <li>● Qo'annoo sumudaa waa'ee jijjiirama qilleensaa kan osoo hin eegamin uumamuu fi dabaliisa haala jijjiirama qilleensaa fakkeenyaaf, danbalii galaanaa, bubbee hobomboleettii fi lolaa bishaan, Ei-Nino fakkeenya fudhachuun ibsaafii.</li> </ul>

## Madaallii

Barsiisaan hojiiwwan barattoota hundaa haala wal irraa hin cinneen akka guutuu boqonnaa keessatti ibsamaniin haala armaan gadiitti ibsamaniin kaayyoowwan gooree irratti hundaa’uun barattoonni ga’umsa xiqqaa isaan irraa baraadamu argachuu danda’uu mirkaneeffachuu qaba:

**Barattoonni sadarkaa gahumsa isa xiqqaa isaan irraa barbaadamu** (eegamu) argachuuf hojjatan kanniin armaan gadii raawwachuu danda’uu qabu.

- Miidhaa sirnaan ala qabeenya uumamaatti fayyadamuun Sirna Ikoo irratti dhufu xiinxalluu danda’uu.
- Sochii kunuunsa naannootiif godhamu keessatti hirmaachuu.
- Faaltota gurguddoo qilleensaa fi bishaanii tarreessuu,
- Sababban dabaliinsa oo’a lafaa qalbeeffachuu fi miidhaa sababa dabalinsa oo’a lafaatiin nama, biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irra gahu madaaluu danda’uu fa’a.

Barattoonni sadarkaa ga’umsa isa xiqqaa isaan irraa barbaadamuu/eegamuu/olitti hojjatan dinqisiifamuu qabu. Hojiin isaaniis beekamee galmeeffamuufii qaba. Akka bu’aa argataniin of tuulanii duubatti hin deebineefis jajjabeeffamuu qabu.

Barattoonni sadarkaa ga’umsa isa xiqqaa isaan irraa barbaadamuu/eegamuu/goditti hojjatan sadarkaa barattoota jiddu galeessatti argamaniin akka wal qixxaa’an gargaarsa adda isaan barbaachisa. Yeroo boqonnaa fi dhuma guyyaa irratti xiyyeeffannaan addaa kennameefii gargaarsa adda kennuufiin barbaahisaadha.



## BOQONNA 4 AJANDAA UMMATAA (WAYITII 19)

**Bu'aawwan Boqonnichaa:** Barattoonni erga boqonnaa kana baratani booda:

- Gahee dargaggoonni HIV/Eedsii ittisuu, imaammata ummataa fi walqixxummaa saalaa baballisuu keessatti taphatan ni dinqisiifatu.
- Karaalee ittiin gochaawwan miidhaa geessian maqsan ni tarreessu.
- Kaayyoowwanii fi qajeelfamoota Dhaabbata Mootummoota Walta'anii fi yaad-rimee Gilooabaalaayizeeshinii ni ibsu.

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> <li>● Barattoonni adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti:</li> <li>● Ogummaa jireenyaa HIV/Eedsii ittisuuf isaan gargaaru ni horatu.</li> <li>● Namoota warra dhukkubsattoota HIV/Eedsii fi maatii isaaniitiif gargaarsa fi kunuunsa kennan fakkeenya godhachuun akkuma isaanii hojjachuu ni shaakalu.</li> </ul>	<p>4.1. Dhimmoota Um-mataan walqabatan (Waytii 9)</p> <p>4.1.1. HIV/Eedsii ittisuu keessatti gahee dargagootaa (Wayitii 4)</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>● Ogummaa jireenyaa horachuu,</li> <li>● Irraa of qabuu,</li> <li>● Dhiibbaa hiriyaa irra ofeeguu,</li> <li>● Waa'ee gara fuulduraa yaaduu,</li> <li>● Namoota HIV/Eedsiiin qabamaniif kunuunsa fi deggersa gochuu (PLWHA)</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Barattoonni dhiibbaa HIV/Eedsiin naannoo isaanii irraan gahe irratti ni mari'atu.</li> <li>● Istaatistiksii Dhaabbanni Fayyaa Addunyaa (WHO) faca'insa HIV/Eedsii Itoophiyaa fi biyyoota biroo irratti qabu irratti hundaa'uun barattoota mari'achiisaa.</li> <li>● Qo'annaa Sumudaa:Dubartii Itoophiyaa takka kan warra HIV/Eedsii waliin jiraataniif maallaqa walitti qabdu fudhachuun irratti mari'achiisaa.</li> <li>● Dhukkubsattoota HIV/Eedsii lama akka fakkeenyaatti fudhachuu. Inni tokko sababa hiriyoonni isaa kakaasaniin kan qabame ta'uu isaa, inni biroon immoo dargaggeessa biyya biroo ta'ee dhiiga faalamaa fudhachuun kan qabame akka ta'etti fudhatamee kana irratti barattoonni yaada qaban akka kennan taasisuu.</li> <li>● Barattoonni dhiibbaa hiriyaaan dhufuu danda'u irratti akka mari'atan taasisuu. Fakkeenyaaf, qunnamtii saalaa sijaaraa xuuxuu fi kkf</li> <li>● Tooftaa ittiin kanneen irraa of eegan akka himan jajjabeessuu</li> </ul>

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> <li>● Akkaataa ummanni Itoophiyaa keessatti itti baay'atu ni xiinxalu.</li> <li>● Tarsiimoowwan baay'ina ummataa hirisuuuf baafaman addaan ni baafatu.</li> <li>● Faayidaa imaammani ummataa fi tarsiimoon hiyyummaa Itoophiyaa keessatti hirisuu qabu ni baballisu.</li> </ul>	<p>4.1.2. Tarsiimoo Ittiin saffisaan baay'achuu lakkoofsa ummataa hirrifamu (Wayitii 5)</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>● Akkaataa ummanni ittiin Itoophiyaa keessatti baay'atu.</li> <li>● Tarsiimoo ittiin saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa to'atamu. Fakkeenyaaf, turanii fuudhuu/ heeromuu, dubara barsiisuu, karoora maatiitti fayyadamuu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Daataa lakkoofsa ummataa irratti hundaa'uun barattoonni haala itti lakkoofsi ummataa baay'acha jiru irratti ni mari'atu. Barattoonni maatii isaanii yookiin angafoota isaanii namoonni waggoota 30 dura giddu galeessaan daa'imman meeqa qabaachu akka barbaadaa turan gaafatani akka dhufan jajjabeessuu.</li> <li>● Qo'annaa Sumudaa: Baadiyaatii baldhina maatii irratti, Finfinneedhaa immoo nama turee gaa'ela uumate fudhachuun wal bira qabuun irratti mari'achiisaa.</li> <li>● Yaad-rimee turanii gaa'ela uummachuu, dubara barsiisuu fi karoora maatii irratti mari'achuu yaadawwan kanneen hiyyummaa hirisuu waliin wal qabsiisuun akka ilaalan jajjabeessaa.</li> <li>● Baay'ina ummataa hirisuu hiyyummaa hirisuu keessatti gahee qabaachuu fi qabaachuu dhiisuu isaa irratti wal haa falaman</li> <li>● Barattoonni jireenya isaanii gara fuulduraa karoofachuu fi fooyyeffachuu keessatti gahee fi itti gaafatamummaa isaanii irratti mariachuun addaan akka baafatan gargaaraa.</li> <li>● Qo'annoo Sumudaa: Tarsiimoo ummataa Chaayina fakkeenya fudhachuun ibsaafii</li> </ul>
<ul style="list-style-type: none"> <li>● Kornayaa fi saala addaan ni baafatu.</li> <li>● Ibsitoota walqixxummaa saalaa addaa ni baasu.</li> <li>● Walqixxummaa saalaa dhiphisuu keessatti gahee dargaggoon taphatan ni dinqisiifatu.</li> </ul>	<p>4.2. Mirgoota Namummaa fi Nageeya (Waytii 6)</p> <p>4.2.1. Kornayaa (Wayitii 3)</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>● Garaagarummaa Kornayaa fi saalaa fi tooftaa ittiin walqixxummaa saalaa baballifamu.</li> <li>● Waliin hojjachuun hiyyummaa hirisuu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Dubartoota Itoophiyaa keessatti beekamoo turan maqaa dhahuun namoonni akka isaanii dubartootaa fi dhiirota yeroo ammaa keessa jiraachuu isaanii barattoota gaafachuu.</li> <li>● Mootummaan lakkoofsa dubartoota baratani dhiira waliin walqixxeessuuf yaaduun isaa leecalloo qisaasessuudhaa hoo? jechuun gaafachuun irratti mari'achiisaa.</li> <li>● Dubartoonni dhiiraan wajjin dandeettii walqixxee qabaachuu isaanii irratti barattoonni wal haa falman. Daandii qilleensaa Itoophiyaa deemuun paayileetiin dubartii taatee yoo argan maal akka itti dhagahamu gaafachuu.</li> </ul>

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> <li>● Fakkeeniyota jeequmsaa fi doorsisa dubartoota naannoo isaanii irraa irra gahu gabaasuun irratti mari'atu.</li> <li>● Dubartii aangessuun hiyy-ummaa hirrisuuf waliin hojjachuun sirrii ta'uu isaa ni markaneeffatu.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Dubartoota aangessuu fi jeequmsa maatii irra gahuu fi doorsiisuu hambisuu.</li> <li>● Dhimma Kornayaa irratti gahee dargaggoo.</li> <li>● Gahee dargaggoonni Itoophiyaa imaammata ummataa fi hiyyummaa hirrisuu keessatti taphatan.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Qo'annoo Su mudaa:Paayileetii dubartii daandii qilleensa Afrikaa tokko akka fakkeenyaatti fudhacuun ibsaafii.</li> <li>● Barattoonni amalli isaanii walqixxummaa ilaalchisee attamiin ilaalcha namoota biroo irratti dhiibbaa akka geessisuu danda'u irratti haa mari'atan.</li> <li>● Barattoonni naannoo isaanii jeequmsaa fi doorsisa dubartootaa fi shamarran irra gahu kaasanii irratti mari'achuun akkaataa itti maqsuun danda'amu irratti walii haa galan.</li> </ul>
<ul style="list-style-type: none"> <li>● Gachawwan miidhaa geessisan addaan ni baafatu.</li> <li>● Attamiin gocha miidhaa fidan dhorkuun akka danda'amu ni himu.</li> <li>● Nannoo isaaniiitti gochaawwan</li> <li>● Miidhaa geessisan ni barreessu.</li> </ul>	<p>4.2.2. Rakkoo irra of eeguu (Wayitii 3)</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>● Gocha miidhaa geessisu, iyyaalummaa araadaan qabamuu sona aadaa dagachuu</li> <li>● Dirqisiisuun gudeeduu</li> <li>● Gocha miidhaa geessisan damaqinaan maqisuu, dhiibbaa hirriyaan irra gahu ittisuu, yeroo ofii wiirtuu dargaggootti dabarsuu, maatii waliin yaadaa fi muuxannoo wal jijjiiruu.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Barattoonni amala badaa naannoo isaanitti calaqqisuu fi maaliif akka calaqqisan irratti mari'atu. Kana fooyyessuuf maal gochuutu irra jira?</li> <li>● Iyyaalummaa fi manca'ina qabeenya irra gahu irratti maria'chiisaa.</li> <li>● Dawaa sammuu hadoochuu fudhachuu fi dhugaatii dhuguun waan isaan irra gahe yookiin nama biroo irra gahe kan beekan yoo jiraate akka himan gaafachuu.</li> <li>● Dhiibbaa karaa hirriyyaa irra gahan attamiin ittisuun akka danda'amu irratti haa mari'atan. Maatii isaanii waliin yoo mari'atan gargaarsa argachuu akka danda'an ibsuufii.</li> <li>● Dubartootaa fi sonaawwan aadaaf kabaja qabaachuun akka irra jiruu fi waanta ummata biratti fudhatama hin qabne dhiisuun barbaachisa ta'uu isaa irratti haa mari'atan. Kana malees, yoo obboleettiin isaanii gudeedamte maal akka itti dhagahamuu fi dubartii miidhaan kun irra gahe attamiin gargaaruu akka danda'an gaafachuu.</li> <li>● Dargaggeessa gudeeduun yakkame tokko akka fakkeeniyatti fudhachuun irratti mari'achiisaa. (Gaazeexaa irraa fudhachuu ni danda'ama)</li> </ul>

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Goohaalee Raawwatamuu qaban
<ul style="list-style-type: none"> <li>● Kaayyoo fi qajeel-famoota Dhaab-bata Mootummoota Walta’anii ni ibsu.</li> <li>● Dhaabbilee gurguddoo Dhaabbata Mootummoota Walta’anii fi kaayyoo isaanii addaan ni baasu.</li> </ul>	<p>4.3. Sagantaawwan walta’iinsaa (Wayitii 4)</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>● Kaayyoo fi qajeelfamoota Dhaabbata Mootummoota Walta’anii fi dameewwan isaa. (Wayitii 2)</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Barattoonni waa’ee Dhaabbata Mootummoota Walta’anii waan beekan akka himan gaafachuu.</li> <li>● Kaayyoo fi qajeelfamoota Dhaabbata Mootummoota Walta’anii ibsuufiin caasaa isaa gabatee gurracha irratti kaasuu.</li> <li>● Yaa’ii Waliigalaa</li> <li>● Waajjira Muummicha Barreessaa</li> <li>● Mana Mare Nageenyaa</li> <li>● Mana Murtii Addunyaa</li> <li>● Mana Mare Dinagdee fi Hawaasummaa</li> <li>● Qo’annoo Sumudaa:Fakkeenya Dhaabbanni Mootummaa Walta’anii rakkoo mudate tokko furuuf tarkaanfii inni fudhate kaasuun irratti mari’achiisaa.</li> <li>● Hub-Odeeffannoon websaayitii irraa argachuun ni danda’ama</li> </ul>
<ul style="list-style-type: none"> <li>● Yaad-rimee giloobaa-laayizeeshinii hubachuun ni ibsu.</li> <li>● Carraa fi gufuu daldala, aadaa fi odeeffannoo ilaalchisee muldhatu addaan ni baafatu</li> </ul>	<p>4.3.1 Giloobaalaayizeeshinii (Wayitii 2)</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>● Yaadrimee giloobaa-laayizeeshinii.</li> <li>● Carraa fi gufuu dal-dala, aadaa fi odeeffannoo rnudatu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>● Jecha giloobaalaayizeeshinii itti himuun maal jechuu akka ta’e gaafachuu. Akaakuuwwan isaanii gabate gurraacha irratti barreessaa. Fakeenyaaf</li> <li>● Teeknoolojii</li> <li>● Daldala</li> <li>● Odeeffannoo</li> <li>● Aadaa</li> <li>● Maayikiroo Sooftii akka qo’annoo sumudaatti fudhachuun kubbaaniyaa odeeffannoo addunyaa tamsaasu ta’uu isaa ibsaafii. Marii itti fufuun dhiibbaa interneetiin qabuu fi waggaa shan keessatti addunyaa kan walgahu ta’uusaa akkasumas, mobaayilii irrattis kan hojjatu ta’uu isaa irratti mari’achiisaa.</li> <li>● Barattoonni kubbaaniyoota biroo addunyaa kanneen beekan yoo jiraate akka himan gaafachuu. Fakkeenyaaf, Kookaa Kollaa.</li> <li>● Qo’annoo Sumudaa: Lammii Itoophiyaa ta’e tokkoo Daldalaa Bunaa fi gabaa addunyaa inni qabu, gabaan isaa kun gatii addunyaatiin attamiin dhiibbaan akka irra gahu,</li> </ul>

Gahumsa/Dandeettii	Qabiyyee	Gochaalee Raawwatamuu qaban
		<p>Fakkeenyaaf, biyyoota buna daldalan isaan kamtu gabaa irratti isa dorgomuu? Yaada jedhu irratti mari'achiisaa.</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>● Aadaa fi qunnamtii: Carraa TV, raadiyoo fi interneetii irraa odeeffannoo argachuun babaldhachuun isaa dhiibbaa attamii hawaasa irraan akka gahu barattoota gaafachuun, yaadaawwan adda addaa fudhachuun gaariidha jettanii amantuu? Kan jedhu irratti mari'achiisaa.</li> </ul>

### Madaallii

Barsiisaan hojii barataan tokko guutuu boqonnaa keessatti hojjate duukkaa bu'ee madaaluun kaayyoo gooree irratti hundaa' uun yaadaawwan armaan gadiin waliin madaaluun sadarkaa ga'umsaa isa xiqqaa barbaadamu murteessuu ni danda'a.

#### Barattoonni ga'umsa sadarkaa isa xiqqaa isaan irraa eegamu (barbaadamu) irratti hojjatan:

- Ogummaa jireenyaa HIV/Eedsii ittisuuf gargaaru horachuu.
- Hojii namoota warra HIV/Eedsii waliin jiraatanii fi maatii isaanii gargaaran akka fakkeenyaatti kaasuu.
- Haallan ummanni Itoophiyaa keessatti saffisaan itti baay'atu xiinxalluu.
- Tarsiimoo saffisaan baay'achuu lakkoofsa ummataa hirrisuuf wixiname addaan baasuu.
- Imaammata ummataa fi tarsiimoo heyyummaa hiriisuuf Itoophiyaa keessatti ba'an babaldhisuu.
- Kornayaa fi saala addaan baasuu.
- Ibsitoota walqixxummaa saalaa addaan baasuu,
- Gahee dargaggoonni walqixxummaa saalaa keessatti qaban ol guddisuu.
- Jeequmsaa fi doorsisa dubartoota naannoo isaanii irra gahu gabaasuu.
- Dubartoota aangessuun hiyyumma hirrisuu fi waliin hojjachuu fayyada qabeessa ta'uu isaa fudhachuu.
- Fakkeenya gochaawwan miidhaa qabanii kennuu.
- Akkaataa gochawwan miidhaa geessisan ittiin hambisan ibsuu.
- Gochawwan miidhaa naannoo isaanii keessatti raawwatamu gabaasuu.
- Kaayyoo fi qajeelfamoota Dhaabbata Mootummoota Walta'anii ibsuu.
- Dameewwan Dhaabbata Mootummoota Walta'ani fi hojii isaanii himuu.
- Yaad-rimee giloobaalaayizeeshinii mirkaneeffachuu.
- Carraawwanii fi gufuu daldala, odeeffannoo fi aadaa irratti muldhatu addaan baasuun himuu danda'uu qabu.

Barattoonni sadarkaa ga'umsaa isa xiqqaa olitti hojjatan jajjabeeffamu fi hojiin isaaniis beekamuufii qaba. Jabaatanii itti fufuun hojjachuu qabu. malee isa kanaan duraatti quufaniiof dagachuu hin qabu.

Barattoonni sadarkaa ga'umsaa isa xiqqaa gaditti hojjatan akka kanneen birbo waliin deemuu danda'anitti gargaarsa biroo argachuu qabu. Daree keessatti, yeroo boqonnaa fi dhuma guyyaatti xiyyeeffannaa addaa kennuufiin gargaaruun barbaachisaa ta'a.